# Taatewwan Yeroo Ammaa Dubbii Raajiitiin Mirkaneeffamaniiru

San Bernardino, California, USA
65-1206

1 Mataa keenya gadi haa qabannu. Abbaa keenya jaallatamaa isa Waaqa irraa, galgala kana kadhata keenya waan nuuf deebiftuuf si galateeffanna. Dubartiin miskiinni kun yummuu yaaliin baqaqsanii hodhuu ishee duraa kufee turetti isheen achi ciiftee turte. Garuu, yaa Waaqayyo, yeroo jalqabaatiif yaaliin baqaqsanii hodhuu biyya lafaa irratti kan raawwate Siin akka ta'e in yaadanna. Qarabaadhaan baqaqsitee lafee cinaacha Addaam keessaa baaftee haadha warraa isaaf uumte. Yaa Abbaa, galgala kana harki Kee dhufee wantootni gurguddaan nuyi gaafachaa jirru akka raawwatuuf akka diriiru sin kadhadha. Warra kaanas, yaa Gooftaa, dubartii dhiphina sammuutiin dhibamaa jirtu kana, namaaota gaaffii qaban hundumaa, yaa Abbaa, garaa keenya guutuudhaan dabarsinee sitti laanna. Maqaa Yesus Kristosin. Ameen.

Egaa galgala kana hirmaattota gaggaarii as jiran kana gidduutti argamuun koo carraa guddaa dha. Akkasumas faarfannaa gaarii qu'aarii dinqii ta'an kana irraa dhaga'uun koo carraa gaarii dha. Ijoollee qulqullina isaanii eeggatanii, rifeensa mataa haala qulqulluu ta'een muratanii achi dhaabatanii faarfatan yummuun arge, garaagarummaa jirun xiinxalaa ture. Iddoo ani jiraadhutti waa'ee waan galgala dheengaddaa ta'e tokkoon yaadaa ture; inni immoo gurmuun duuriyyoota tokkoo gadi dhufanii, gurbaa tokko bishaan daakaa keesaatti darbatanii waan bishaan sana keessa buusan akka inni isaaniif fuudhuuf bishaanitti isa darbatan. Maal garaagarummaan akkasii, ilaalaa daa'imman dhaabatanii, faarfannaa Wangeelaa faarfatan; maal garaa garummaan akkasii.

2 Akkuma obboleessi keenya Henriin achitti dubbate, "Namoonni rifeensa mataa isaanii akka kana dubartii godhatan kun ta'uun isaaniif kan ta'u," jedheen yaadaa ture, hubadhaa. Kun sirrii dha. Isaan…fakkaatu. Yummuu ijoolleen dhiiraa sun rifeensa isaanii akkas godhan argeera, isaan keessa ba'anii fuula isaanii irra gadi jigsanii deemu. Ani hin beeku, ani… Yeroo tokko tokko mogoleetu na bu'a. Barri kun bara karaa irraa kaachuu isa dhugaa waan ta'e fakkaata. Warri dhiiraa wayyaa dubartii uffachuuf yaalaa jiru, warri dubartii immoo wayyaa dhiiraa uffachuuf yaalaa jiru. Dhiironni rifeensa mataa isaanii akka kan dubartiitti dhiisaa jiru, dubartoonni immoo rifeensa mataa isaanii akka kan dhiiraa godhachaa jiru. Hundumaafuu, maal rakkoon namoota kanaa? Dhugaadhumatti, safuu fi kabajni saba kanaa fi namoota kana irraa, biyya lafaa kana irraa fudhatameera mitii?

Yeroon kun yeroo naasisaa fi jibbisiisaa dha, garuu immoo biyya lafaa keessatti Wangeela lallabuuf yeroo kam iyyuu caalaa yeroo ulfina qabeessa dha. Utuu yeroon kun lakkaa'amuu hin jalqabin, utuu Abbaan ija koo keessa ilaalee, "Baroota dhufuuf jiran keessaa bara kam keessa lallabuu barbaadda?" jedhee na gaafatee, yeroo ammaa kana, Dhufaatii Isaatiin duran lallabuu barbaada jedheen deebisaaf.

3 Gara hirmaattotaa yummuun ilaalu, kunoo fuula keenya dura taa'ee kan jiru…Tajaajilaan hiriyaa koo ta'e tokko, kaleessa Tuksan keessatti farda gulufsiisaa ture. (Nama kana dubartii ishee diiskiin dugda ishee miidhame kanaan wal qabsiiseen yaada.) Fardi kun of irraa isa darbatte. Namni biraa tokko kaleessa walakkeessa halkanii booda sa'a torba irratti, hooteelan keessa buufadhetti naaf bilbilee, "Namichi Hospitaala humna waraanaa seeneera, iji isaa galagaleera, dugdi isaa citeera, Kaleen isaa lamaan gara alaatti dhiibamee ba'eera, onneen isaa dha'achuu dhaabeera" jedhee natti hime. Ani achuman gadi jilbeenfadhe; bibila isa irra akka kaa'an godheen battaluma sana isaaf kadhadhe. Kunoo inni galgala kana nu gidduu taa'ee jira, kuunoo achi taa'ee jira. Kunis immoo kaleessa halkan kan ta'e dha. Boob, al tokko achumtti ol in kaataa? Namichi kuunnoo is asana dha. [Amantoonni harka walitti rukutan.] Ganamas, waaree boodas, galgalas, halkan walakkaas, yookiin yeroo kamitti illee Waaqayyoo kadhannaa namaa in deebisa.

4 Egaa, ani akkuma isaan naan jedha, nama yeroo dheeraa fudhatee lallabu dha. Nan dadhabaa laata jedhee waanan yaaduuf, sa'aatii galgalaa kanatti jalqabuu akka jibbuun ta'a. Galgala darbe naannoo kanaa iddoo ta'e tokkotti yummuu nuyi dubbachaa turretti…

ergan gara daqiiqaa kudha shaniitiif itti fufee dubbadhee booda, namoonni saanii funaananii natti mirmirsaa, sigaaraa xuuxaa saanii funaanaa, "Dhaabi! Cal jedhi, asii ba'uutu sirra jira" naan jedhan. Balleessaan kan warra kutaa afeerraa irbaataa miti, kan namoota keenya warra kutaa sana nuuf kireeffatee ti malee. Haati manaa abbaa qabeenyaa Hoteelichaa, hoji-geggeessaa manichaatti himtee turte.

Hoji-geggeessichi, "Tole egaa, sa'a 3:30 tti as keessaa ba'uutu isin irra ture" nuun jedhe.

Itti dabalees, "Isa kana raawwattanii kontiraata keessa hin galchine" nuun jedhe.

Giiftiin haati warraa kun, galgala kana, isheen dhuftee as gara gadii sana jirti (dhugaadhumatti giiftii haadha warraa gaariiti) isheen, "Akka isin kutaa kana barbaaddan hubanneerra. Hanga sa'a barbaaddaniitti itti fayyadamaa" nuun jette. Waan kana ta'eef…Isa kanaaf guddisee galateeffachuun barbaada. Inni kun waan baay'ee gaarii ta'e dha.

5 Obboleessa koo Henrii, arjummaa afeerraa ati asitti naaf gooteef dhugaadhumatti baay'een si dinqisiifadha, kunis boqonnaa biraati.

Galgala darbe as gajjallaa kanatti walitti qabama warra Assembiliis of Good, yoon dogoggoruudhaa baadhe iddoo Obboleessi keenya Booneen Paasterii ta'etti, carraa argamuu argadheen isaan wajjin ture. Garee amantoota sanaa wajjin yeroo baay'ee gaarii ta'e dabarsine. Bor galgala immoo naannoodhuma kana iddoo ta'e tokko dhaqna, bakki isaa eessa akka ta'e hin beeku, innis immoo boqonnaa biraati. Baasii jiru isaantu cufa; ani callisee kadhachuu, dubbisuu fi isaanii wajjin deemsa itti fufuudha, isaan kun hunduu wanta ani addaan kutuu hin qabnee dha.

6 Garuu, amma, guyyoota kana keessaa waantoota keessummaa ta'an argaa jirra. Yeroo xumuraatiif kan wal arginee turre walitti qabama dunkaana keessatti taasifame irratti akka ta'e amma nan yaadadha. Lallaba xumura galgala yeroo sanaa irratti haadhaa fi abbaa daa'ima du'e fidanii dhufan sana nan yaadha. Iddoon isaa gararraa kana, iddoo ta'e tokkotti ture, isaan halkanii fi guyyaa walitti fufiinsaan konkolaachisaa as dhufan. Haati daa'imaa miskiinni sun, gaddaa, daa'ima xinnaa sana irree isheetiin martee baattee teessi turte. Amma, hamman beekutti, isheen tarii as nu gidduu teessee jirti. Kanaaf isheen… abbaan manaa inni xinnaan, haadha manaa fi abbaa manaa kan biraatu isaanii wajjin ture, isaanis…Isheen…jette, akkan gara konkolaataa dhaquuf na gaafatte (isa dhiiraatu na gaafate.) Daa'ima xinnaa sana fuudheen callisee baadhe; innis xinnaa, du'aa, qaratti kan goge, bifa diilallaa'e ture; sana booda Waaqayyoon kadhachuun jalqabe. Yummuun kadhadhetti, dhagni diilallaa'e sun ho'uu jalqabaa dhufe. Anis calliseen…kadhachuu koo ittuman fufe. Inni dhidhiittatee socho'uu jalqabe, socho'uu ittima fufe, anis…boo'uu jalqabe. Deebiseen haadha isaatti isa kenne, isheen dugdatti isa baattee deebitee galte. Kanaaf, hamman beekutti, tarii isaan Kristaanota illee ta'uu dhiisuu danda'u ta'a yeroo sanatti. Hubattanii? Wanti sun waan dinqisiisaa ture.

7 Garuu galgala kana wantin yaadaa jiru yoo jiraate, waldaan tokko akkasuma du'aa akka jirtu nan beeka, innis namoota keenya warra Pheenxeqoostaaliiti. Dhidhiittannee kana keessaa ba'uutu nurra jira, uhu-huu, kun xumura dubbiiti. Karaan tokkichi ittiin kana gochuu dandeessan immoo kadhannaa fi toora Sagalee Waaqayyoo irraa utuu hin maqin duukaa bu'uudhaani. Inni kun karaa tokkicha nuyi ittiin dhidhiittaannee keessaa ba'uu dandeenyu isa kana qofa. Karaan ittiin keessaa ba'an tokko qofa, karichis immoo Isa, Yesus Kristos kaleessas, har'as, bara baraanis isuma sana. Waldaan keenya akka haala isa inni achitti dubbatee, akka haala isa Ingilizii keessaa keessa akka galtu barbaannaa? Sababiin ani, akka isin yaaddanitti, jeeqaa ta'ee, isa keessaa isin baasuuf akka maraatuu iyyuuf isa kana. Kana gochuu barbaadee miti, garuu waldaa boca akkasii keessa galtu ilaaluu hin barbaadu. Wanti isin irraa eegamu yoo jiraate, hamma humni keessan isin keessaa dhumuu ga'utti jabaattanii, asii gadi Isa konkolaachisuudhaan, hamma ilkaan Isaa wal ciniinitti Isa waqaruutu isin irraa eegama. Kana ta'uu qaba.

Kanaaf amma, galgala kana, Caaffata Qulqulla'aa muraasaa fi barreeffaman yeroo muraasaaf irratti dubbachuu barbaadu qabadhee dhi'aadheera. Yeroon itti xumuru murteessee isinitti himuu hin danda'u. Dadhabdaniittu, maaliif jennaan…Tarii daqiiqaa soddoma keessatti keessan ba'a ta'a, kunis kan hundaa'u…Ani yeroo hundumaa isa kana Hafuura Qulqulluufan dhiisa, Inni karaa barbaadeen haa geggeessu.

8 Mee yeroo xiqqoodhaaf mataa keenya gadi qabannee Macaafa Isaa banuu keenyaan dura Barreessaa Isaatti haa dudubbannu.

Waaqayyo hundumaa danda'uu, yaa Barreessaa Macaafa kanaa, Yesus Kristos keessaan Si kadhanna. Waan galgala kana dursinee dhageenyeef si galateeffanna. Walitti qabama kana, "Ameen" jennee goolabnee gara mana keenyaa yoo deemne iyyuu, asitti argamuun keenya gaarii ture jennee fudhanna turre, sababiin isaa, Ati nuu wajjin akka turte in beekna waan ta'eef. Ammas, yaa Abbaa, akkuma nuyi amma Sagalee kana bannetti, yeroo keessa jiraachaa jirru akka barruuf, kallattiidhaan Sagalee kana keessaan nutty dubbadhu. Yeroo amma keessa jiraachaa jirru yoo beekne, nuyi yerichaaf qophaa'uu dandeenya; garuu garamitti yookiin maal akka ta'e utuu hin beekin ija qabannee yoo deemne, akkamitti akka qophaa'an beekuu hin dandeenyu. Kanaaf, yaa Abbaa, Markabicha qophaa'ee, Balballi banamee, akka itti ol galluuf Ergaa Sagalee nu waamaa jiruu akka nu hubachiiftuuf Si kadhanna. Maqaa Yesus Kristosiin nuuf dhaga'i. Ameen.

9 Caaffata Qulqulla'aa keessaa barreeffaman fudhen dubbisuu barbaada; inni kan argamu Wangeela qulqulluu Luqaas caafe boqonnaa 24ffaa yummuu ta'u, lakkoofsa 13ffaa irraa jalqabeen muraasa Isaa dubbisa.

Gaafasuma isaan keessaa namoonni lama gara ganda, mandara Yerusaalem irraa akka kilo metrii kudha tokkoo yookiis akka adeemsa sa'aatii lamaa fagaatu, maqaan isaas Emaahus jedhamu tokko in dhaqu turan.

Jarri karaatti waa'ee waan gidduu sana ta'e hundumaa kaasanii, haasa'aa in adeemu turan.

Utuu isaan haasa'aa, irrattis dudubbachaa adeemanii, Yesus ofii isaa isaan bira ga'ee, isaanii wajjinis adeeme.

Iji isaanii garuu, isa akka hin hubanneef ittifamee ture.

Yummus Yesus, "Inni isin walii wajjin haasa'aa adeemtan kun, maali?" jennaan, nyaara guuranii achuma dhaabtan.

Isaan keessaa inni Qileyophaa jedhamu tokko deebisee, "Warra Yerusaalem jiraatan keessaa waan gidduu kana mandaricha keessatti ta'e kan hin beekne, si'uma duwwaa dhaa?" jedhe.

Inni, "Waan attamii ti?" isaaniin jennaan, isaan immoo, "Waa'ee Yesus nama Naazireet, isa gochaatti dubbiittis Waaqayyoo fi namoota duratti raajii aango-qabeessa ture sana,

akka luboonni warri angafoonni, warri biyya seerratanis duuni itti haa faradamuuf dabarsanii isa kennan, akka isa fannisanis.

Nuyi garuu kan Israa'elin furu isa, jennee abdannee turre; eeyyee, kana hundumaa irratti iyyuu immoo kun erga ta'e har'a guyyaa sadaffaa isaati.

Kana malees, warra gara keenyaa keessaa dubartoonni ganama obboroo iddoo awwaalichaa dhaqan tokko, akka abjuu nu godhan.

Isaan achii deebi'anii reeffa isaa awwaalicha keessaa akka dhaban, garuu ergamoonni Waaqayyoo itti mul'atanii, 'Yesus jiraataa dha' akka ittiin jedhan nutti himan.

Warra nuu wajjin turan keessaas kaan gara awwaalichaa dhaqanii, akkuma dubartoonni sun jedhan ta'uu isaa baran, isa garuu hin argine" jedhanii itti himan.

Inni immoo, "Isin gowwoota attamiiti, waan raajonni jedhan hundumaas amanuudhaaf yaadni garaa keessanii attam daagii dha.

Kristos kun kana hundumaa dhiphatee ulfina isaatti akka galu, barbaachisaa hin turre moo ree?" isaaniin jedhe.

Innis macaafa Musee fi macaafa raajotaa hundumaa keessatti iddoo itti waa'ee isaatiif dubbatu hundumaa isaaniif hiike.

Gooftaan Sagalee Isaa isa dubbifannetti eebba Isaa nuuf haa dabalu.

10 Amma kananan fudhadhe…yoon akka mata dureetti waame, akkisitti fudhachuun jaalladhe: Taatewwan… Taatewwan Ammayyaa'oon Raajiidhaan Ifatti Baafamu, kan jedhu ta'a. Amma egaa, yeroo hundumaa ta'aa kan ture Waaqayyo…karaan Waaqayyoo inni hin jijjiiramne…Wanti tokko utuu hin raawwtin dura sabni Isaa dursee akka baru godha.

Namoonni bara Gooftaa Yesus keessa turan utuu Waaqayyoon arganiiru ta'ee fi utuu waan ta'aa jiru beekaniiru ta'ee, Yesus akka du'uuf Isatti hin faradan turan. Garuu sababiin kun ta'eef, Caaffatoonni Qulqullaa'oon fiixaan ba'uu waan qabanii fi dha, sababiin isaa warri Yihudootaa jaamfamuu waan qabanii fi dha. Nuyi hundi keenya isa kana hubanneerra.

Barri nuyi keessa jiraachaa jirru kunis ammas abdachiifamee akka ture qalbeeffattaniittuu? Barri Waldaa Laa'odiiqeyaa, barri waldaa torbaffaan amma keessa jiraachaa jirru kun, qullaa, boo'uun kan ta'uuf, jaamaa dha, kanas immoo hin beektu. Akkaataadhuma dur Ergaa Isaa warra fo'aman biraan ga'uuf yummuu kaayyeffate isaan jaamsetti, Inni bara ammaa kanas waanuma wal fakkaatu gochuuf abdachiiseera.

11 Isa kana yoon warra kabajamoo, akkasumas obboloota koo fi obboleettiwwan koo warra Kristos keessa jiraatanitti dubbadhe, guyyaa tokko namni ta'e tokko, “Wantootni kun dursee raawwachuutu irra jiraata jedhamee hin caafnee?” jechuun isaa hin oolu.

Inni akkuma isa yeroo sana, “Ani garuu isinittan hima, inni duraan dursee dhufeera; akkuma waa'ee isaatiif caafamee jiruttis, jarreen tokko waanuma jaallatan isa irratti raawwatan” jedhame sanaa ta'uuf jira.

Yummuun isaan, “Maaliif barsiisonni seeraa, 'Eliyaas dura dhufuutu ta'a' jedhu?” jedhanii Yesusin gaafatan.

Inni immoo, “Inni duraan dursee dhufeera, isin garuu isa hin beekne” isaaniin jedhe. Hubattanii? Akkaataan xumura isaa ammas akkasuma ta'uuf jira.

12 Amma nuyi wanta bara keessa jiraachaa jirru kana keessa waan ta'aa jiru beekuuf michichila balbala keenyaatti dibuu nu barbaachisa. Waaqayyo Sagalee Isaa tokkoon tokkoon baraatiif ergeera, ergaa baay'ee baroota hundumaaf ergeera, wanti nuyi hubachuu qabnu garuu Ergaan bara tokkoo bara isa kan biraatti hin ce'u. Inni tokko isa kaaniif hin hojjetu. Fakkeenyaaf, akkuman galgala darbe dubbadhe yookiin…Isa kana galgalaa gara galgalaatti, iddoo baay'eettin dubbadha, yeroo baay'ee immoo akka yaadachiisaattin dubba dha. Irra deddeebi'uu barbaadee miti. Garuu akkasin jedha: Museen utuu Ergaa Nohi lallabeera ta'ee gaarummaa maalii qaba ture? Yookiin utuu Yesus Ergaa Musee lallabaa ture ta'ee faayidaa maalii qaba ture? Yookiin utuu Maartiin Luuter ergaa warra Kaatolikii lallabuu itti fufeera ta'ee gaarummaa maalii qaba ture? Utuu Wesliin Ergaa Luuteriin itti fufee lallabeera ta'ee maal fayyada ture? Warri Pheenxeqoostaalii utuu ergaa warra Metedistii lallabuu itti fufaniiru ta'ee maal fayyada ture? Yookiin erga Misirroon waamamtee warri Pheenxeqoostaalii lallabuu itti fufuun maal faayidaa qaba? Hubadhaa, nuyi kallattiidhaan yeroo sanyii keessa jirra, nuyi yeroo dhumaa keessa jirra. Egaa, sanyiin qamadii gara lafaatti yoo hin facaafamin qophaa isaa in jiraata.

13 Akkuma xiinxaltichaa, akkuman erga kitaabni sun as ba'ee booda yaadachiisa kennaa jiru, tarii kitaabicha as magaalaa keessan keessatti argattaniittu ta'a, innis immoo isa barreessaan nama Jarmanii tokko bareeffama xiinxala ceephoo hamaa of keessaa qabu barreessee dha. Inni nama hin amannne dha. Inni baay'isee na ceepha'eef isa ceepha'aa hin jiru; garuu, sababa inni nama hin amanne ta'eef, kitaabichi gonkumaa teessoo kitaabaa irra hin kaa'amu. Inni, “Waaqayyo Inni teessoo irra taa'ee galaana diimaa gargara hireen saba Koo ceesise jedhe, Bara Dukkanaa keessa yummuu Kristaanonni Leencotaan akka qircaatti cicciraman; yummuu haadholiin rifeensa mataa isaaniitti bobo'aan firfamee, fannifamanii du'anitti; akksumas daa'imman isaanii…utuu haadha isaanii ilaalanii, garaa dubartii ulfaa tarsaasanii daa'ima keessaa baasanii saala daa'imaa adda baasuu irratti yummuu isaan qumaara taphatanitti Waaqayyo harka isaa wal irra mare yummuu wanti kun ta'u callisee ilaale; namoonni kun warra tajaajiltoota Waaqayyo kanaa turanii dha” jedhee barreesse.

14 Hubadhaa, Caffanni Qulqulla'aan geggeessaa Hafuuraa ti. Callistee gadi teessee ejjennoo tiyooloojii irraa, ejjennoo barumsaa irraa dubbisuudhaan Caaffata Qulqulla'aa beekuu gonkumaa hin dandeessu; kun gonkumaa hojjetee hin beeku.

Dhi'eenya kana tajaajilaa warra Baaptistii wajjin haasa'aan ture, inni, “Nuyi amma sirriitti afaan Griikii barrutti, nuyi amma…” naan jedhe.

Ani immoo, “Wal Ga'ii Niiqeyaa keessatti, isaan duras, isaan waa'ee jechoota Griikii Macaafa Qulqulluu keessa jiruu irratti wal mormaa turan” jedheen isaaf deebise. Gonkumaa Isa beekuu hin dandeessu.

Macaafni Qulqulluun geggeessaa Hafuuraatiin mul'ifama. Innis waan tokkicha qofa; mul'ata. Yesus Phexrosin, "Dhagaa kana irratti" jedheen. Dhagaan mul'ataa kun Inni eenyuun akka ta'e in mul'isa. "Yaa Simoon ilma Yoonaa, ati kan ayyaanomtee dha! kana Abbaa koo isa Waaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama foonii sitti hin mul'ifne; dhagaa hin sochoone kana irratti Waldaa koo nan ijaara." Phexros irratti miti, Ofii Isaa irratti miti, mul'ata hafuuraa Inni eenyu akka turee irratti malee.

Inni immoo Sagalee dha! WangeelaYohannis 1, "Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichii ofii Isaa Waaqayyo ture. Sagalichi nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate." Ibroota 13:8, "Yesus Kristos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana!"

15 Kanaafuu, nuyi bara kan biraa, isa mul'achuun Sagalee Waaqayyoo isa kan warra Pheenxeqoostaalii caalutti dhufu keessa jiraachaa jirra. Innis immoo sirrii dha. Yaadadhaa, isin…Ani nama hin baranne dha; garuu uumama mo'uu hin dandeessan, sababiin isaa Waaqayyo walitti fufiinsa uumamaa keessaan hojjeta waan ta'eef. Fakkeenyaaf, akkuman dubbachaa ture, aduun baatee lixxi; guyyaa guutuu deemaa oolti, akkuma umurii barnootaatis; ganam itti aanutti ba'uudhaaf, galgala galgala in duuti. Mukti waqtii bonaa ija in harcaafata, iji harca'e kunis biqilee hidda yaafatee waqtii arfaasaatti in mul'ata.

Qalbeeffadhaa, Inni Misirrottii sanyii qamadiitti fakkeesse, sababiin Waaqayyo akka godheefis adeemsichi akkas waan ta'eefi. Wanti gaariin, dhugaan, Waldaan mudaa hin qabne sun, isheen Guyyaa Pheenteqoosxeetti hundeeffamte sun, Guyyaa Pheenxeqoosxee irraa jalqabdee gara Waldaa ishee guddittiitti guddachaa, guddachaa dhuftee, Bara Dukkanaa keessa biyyootti dabalamtee, akkuma sanyiwwan biroo biyyoo keessa awwaalamte. Bifa haaromsaatiin deebitee dhalachuuf, du'uutu ishee irraa eegama waan ta'eef. Isheen Maartiin Luuter isa nama haaromsaa jedhamuun deebitee dhalatte. Achi irraa jalqabee akkuma biqiltuu qamadii ol guddachaa dhufe. Jalqaba irratti gurra lama baafate, achumaanis gurra biraa dabalee baafachuu itti fufe. Maartiin Luuter ta'ee biqile, sana booda Ziwiingilii ta'ee gurra baafate,kan biraas akkasumaan itti fufee, Kaalviin irraan ittu fufanii socha'aa jiru.

16 Xumura irratti inni gara daraaraatti in ce'a. Amma egaa, inni kun Wesilii ture bara Wesilii keessa. Inni bulla daraaraa kormaa of keessaa qaba ture.

Achi irraa ka'ee bara Pheenxeqoostaaliitu dhufe, baay'ee kan itti siqu dha, yummuu biqilaa sana ilaaltan, inni ija qamadii isa dhugaa fakkaata. Garuu yummuu qamadicha kuttanii irraa qunciftan, iji midhaanii tokko iyyuu keessa hin jiru, inni qola boca ija midhaanii qabate duwwaa dha. Garuu qolli sun kaayyoo achitti uumameef qaba, inni hamma iji midhaanichaa…in golga. Utuu inni hin jiru ta'ee aduun yummuu ba'u ija midhaanichaa in ajjeesa ture.

Inni hamma yeroo murtaa'eetiif achi keessa tura, sana booda Lubbuun guutummaatti qola keessaa in ba'a, (akkuma jirma ba'e, akkuma bulla daraaraa keessaa ba'e), Inni qola keessaa ba'ee gara ija qamadiitti galuudhaan akka bifa isa jalqaba gara biyyoo keessatti facaafamee in ta'a.

17 Egaa amma, yeroo ergaan tokko kennamu, isaan waggaa sadii keessatti dhaabbata tokko akka hundeessan hundumti keenya in beekna. Yummuu isaan kana godhanitti, gochi isaanii kun achumatti isa in ajjeesa; inni kun guyyoota Luuter keessa ta'eera, guyyoota Wesilii keessa ta'eera, guyyoota Aleksaander Kaambel keessa ta'eera, guyyoota warra kaanii hundumaa keessas ta'eera, guyyoota warra Pheenxeqoostaalii keessattis ta'eera. Sirriidhumatti! Hubattanii? Isin iddoo tokkoo argattaniittu, tokkoon tokkoon isaanii seera jala galanuuru, isaan rafaniiru waan ta'eef mul'ata haarsaa hin fudhatan. Isaan gadi teessifamaniiru; isaan achuma jiru, achumatti du'us. Lubbuun kallattiidhaan isa keessa deemee, gara ija qamadii hojjechuutti in darba. Iji midhaan qamadii sun yummuu bilchaatutti, lubbuun qamadii sana keessaa deemaa ture, du'aa ka'uun, waan hundumaa akka beekan isaan godha; eeyyee, Inni ol butamuudhaaf isaan in qopheessa.

18 Amma egaa, yaadadhaa, Ergaan kun jalqabatti fayyina Hoodaatiin, dinqiwwan hojjechuudhaan jalqabe. Egaa, Waaqayyo utuu akkuma waan nuyi duraan dursinee arganne kana, waldaa akkasumaanii keessatti akka ta'u godheera ta'ee, Inni Waaqayyo miti ture. Waaqayyo sagantaa bashannanaa hin qabu; Inni wantoota akkasii hin godhu, Inni akka nuyi warri Amerikaan gochaa turre sanaatti nu hin bashannansiisu, garuu Inni

waan ta'e tokko gochuuf yummuu ka'u qalbii namootaa hawwachuuf isa in godha.

Mee yummuu Inni dhufetti Isuma mataa Isaa ilaalaa. “Raajii xinnaa ajaa'ibsiisaa, rabbii, raajii warra Galiilaa.” Tajaajilli Isaa dinqisiisaa waan tureef, Inni waldaa hundumaatti affeeramaa ture.

Garuu Inni guyyaa tokko gadi taa'ee, “Anii fi Abbaan koo tokko” jedhe.

“Oo, yaa anaa!” Inni kun waldaadhaan alatti ture. “Isaan irraa fagaatee duuka buutota warra akkasii wajjin ture!”

“Isin foon ilma namaa yoo nyaachuu dhaabaattan, dhiiga isaas yoo dhuguu dhaabaattan, jireenya of keessaa hin qabdan.”

“Maaliif, inni bulguu dha! Nama akkasii kana irraa fagaadhaa!” Hubattanii?

Hubadhaa, milikkita sana faana bu'ee waan dhufu tokkotu jira ture. Hubadhaa, wanta ta'e tokkotu isa hordofee dhufe.

Qolli isa aguugee baatee ture, amma garuu qolli irraa in baafama; akkas ta'uu qaba. Yaadadhaa, waggoonni digdamni darbaniiru, garuu isa keessaa dameen amantii tokko illee isa keessaa ba'ee hin hundeeffamne, sichis hin hundeeffamu. Nuyi xumura damee amantii irra jirra, qamdaiin boca godhateera. Garuu amma rakkoon qamadiin qabu maali, inni utuu haamtuun isatti hin kaa'amin, akka bilchaatuuf Fuula Ilma Waaqayyoo dura turuu qaba.

19 Amma egaa, taatewwan utuu raawwataanii argaa jirru kun, kan baroota hundumaa, guutumaan guutuutti Macaafa Qulqulluu keessatti agarsiifamaniiru. Nuyi golboobbiidhaa ala waan jirru fakkissinee yaadna, garuu nuyi akkas miti,wanti hundinuu dhugaadhumatti akkaataa Sagalee Waaqayyootti adeemsifamaa jira.

Egaa, Macaafni Qulqulluun kitaaba qulqulluudha jedham irraa adda kan ta'e dha. Kitaabni Macaafa Qulqulluutiin gitu hin jiru, sababiin isaa Macaafni Qulqulluun Waaqayyo bifa sagaleetiin jiru waan ta'eef. Hubattanii? Inni… Sagaleen yaada ifatti calaqqisiifame dha. Waaqayyo yaada Isaa, Dubbiwwan Sagalee Isaa karaa raajotaatiin ibse; isaanis bifa sagalee isa ta'e Macaafa Qulqulluu barreessan. Yesuus immoo, “Sanyii” jedhee Isa moggaase. Sanyiin kam iyyuu haala sirrii ta'e keessa yoo jiraate, haala qilleensaa mijataa keessa yoo jiraate, gosuma sanyii isaa deebisee in godhata. Amma egaa, Kitaabni… kun…dha. Kitaabni raajii kun, taatee gara fuulduraatti ta'uuf jiru kan namatti himu dha. Amma egaa, Kitaabichi guutummaa mul'ata Yesus Kristos kan of keessatti qabatu dha. Isatti dabaluus Isa irraa hirsi'isuus hin qabdan, mul'anni hunduus dirqamatti Isaan dhufu. Hubadhaa, inni dirqama Sagalicha ta'uu qaba.

20 Namoonni baay'een, “Ani mul'atan qaba” jedhu. Eeyyee, Jooseef Smizi fi namoonni baay'een mul'ataa fi waan kana fakkaatan akka qaban in beekna, garuu Sagalicha kan faallessu ture.

Inni Waaqayyoon biraa yoo ta'e, akkaataa Sagalichaatti dhufuu qaba, sababiin isaa, inni jiraachuu Waaqayyoo kan mul'isu yookiin kan mirkaneessu waan ta'eef. Inni wantoota kana hundumaa dursee murtoo godhe. Inni dursee murtee gochuu isaatiin, uumamamuu biyya lafaatiin dura bara hundumaa iddoo isaatti, nama hundumaa iddoo isaatti, akkasumas ergamaa hundumaa iddoo isaatti yaadaan qabe. Inni Waaqayyoo dha, Seexanni Isa dura dhaabachuu hin dandeessu. Inni Waaqayyo dha, kanaafis, uumamuu biyya lafaatiin dura akkaataa Inni yaadaan qabetti wantootni hunduu raawwachaa jiru, utuu irraa hin maqin toora dubbii Sagalichaa irra bu'anii raawwachaa jiru.

Kanaaf, baraa fi yeroo attamii keessa jiraachaa akka jirru Sagalee Isaatiin ilaaluu in dandeenya yoo ta'e, bara kana keessatti in raawwata jedhamee kan kaa'ame kallattiidhumaan Macaafa Qulqulluu kana keessaa in argina.

21 Egaa kitaabileen baay'een jiru, kitaabota “Kitaaba qulqulluu” jedhamanii waamaman baay'ee in argina. Ani Quraanaa fi kitabilee amantii baay'ee dubbiseera. Garuu, hubadhaa, kitaabileen qulqulluu isaanii labsii amala gaarii, labsii duudhaa, yookiin labsii tiyooloojii duwwaa dha.

Garuu Macaafni kun Raajii dha, Inni kitaaba kam irraa iyyuu adda dha. Macaafni Qulqulluun Dubbii Waaqayyoo Isa waan gara fuul duraatti ta'uu ti. Inni waan gara fuul duraatti ta'u sababiin dubbatuuf, dursee waan akeekkachiifameefi.

Waaqayyo Waan kam illee yoo erge, Inni Macaafa Qulqulluu keessatti akkuma dubbatee fi kakate, Inni murtoo isaa isa dhokatee jiru hojjettoota isaa warra raajotaatti utuu hin mul'isin, tokko illee biyya lafaa kana irratti hojii irra hin oolchu. Inni kun Amos 3:7 irra jira. Waaqayyo hin sobu. Inni Isa in mul'isa, baroota hundumaa keessatti karaa Ofii isaatiin raawwachaa ture. Inni raawwatee isa jedhe utuu hin raawwatin hambisee hin beeku.

22 Amma egaa, bara dhumaa kanatti kun iddootti akka deebi'uuf nuuf kakatameera. Waldaan, dameen amantii, Baaptistiin, Metedistiin, Presbaayiteriyaaniin, Pheenxeqoostaaliin, (Haala ammayyummaa isaanii kanaan) gonkumaa raawwatanii Waldaa kana gara Misirrootti geessuu hin danda'an. Isaan kana gochuu hin danda'an, isaan kufaniiru. Isaan hudhanii morma wal qabuu baay'isaniiru, akka biyya lafaatti jiraachuun qaxxisee ol isaanitti galeera, isaan tooruma fiigichaa isaanii irratti du'aniiru. Waaqayyos immoo isa kana beeka.

Sagalee kana mul'isuuf, namni tokko, “Tole egaa, Ani kana qaba. Waaqayyo haa galatu, Inni sana fakkaata” in jedha. Yeroo Yesus jalqabatti gara biyya lafaa dhufes wanti kun akkasuma ture; namni hunduu doktiriinii qaba, namni hunduu kana qaba. Wanti ta'e tokko Waaqayyo biraa akka nuuf egamu nuuf kakatamee ture. Waaqayyo nuuf kakateera. Akkaataan Inni isa kakate raawwatu immoo akkaataa wixinee duraaniitiin ta'a. Akkaataa Miilkiyaas boqonnaa 4 tti, gara biyya lafaatti raajii akka nuuf ergu, Inni nu abdachiiseera, “Inni garaa namootaa duubatti in deebisa, inni garaa ijoollee gara abboota warra ergamootaatti in deebisa.” Inni isa kana Dubbii Sagalee Isaa keessatti nu abdachiise. Luqaas boqonnaa 17 fi iddoo baay'eetti, wantootni bara dhumaa kana jala Sagalicha mirkaneessan akka raawwatan nu abdachiiseera.

23 Hubadhaa, namni waan fedhe dubbachuu danda'a, garuu Waaqayyo Sagalee sana yoo hiikuu dhaabaate…Hubadhaa, egaa, nuyi hiikkaa ofii keenyaa itti in laanna, hiikkaan Isaa kana in jenna. Waanuma tokkicha kana, warri Metedistii kana jedhu, warri Baaptistii kana jedhu, warri Pheenxeqoostaalii kana jedhu, Warri Tokkummaa kana jedhu, warri Lamummaa kana jedhu. Oo, yaa anaa, isin akkasitti jirtu. Garuu Waaqayyo hiiktuu hin barbaadu. Inni Sagalee Isaa Ofii Isaatii hiika. Inni bara Sagalichi akka itti raawwatamuuf dubbatameetti fiixaan ba'iinsa Isaa mirkaneessuudhaan Sagalee Isaa Ofii Isaatii hiika.

Nuyi bara warra Pheenxeqoostaalii keessa jiraachaa hin jirru, nuyi bara kan biraa keessa jiraachaa jirra. Hubadhaa, nuyi bara warra Metedidtii keessa jiraachaa hin jirru, nuyi bara kan biraa keessa jiraachaa jirra. Nuyi ol baanee bara Misirroo keessa jiraachaa jirra, bara Waldaa keessaa waamamanii ba'anii Ol Butamuudhaaf walitti qabaman keessa jiraachaa jirra. Barri nuyi amma keessa jiraachaa jirru isa kana. Akka yaada mataa kootii isa amanamaatti inni kun dhibbaa dhibbatti isa dhugaa dha.

24 Macaafni kun Macaafa raajii ti. Dubbiin Sagalee Isa keessatti bareeffamanii hunduu dirqamatti dhufanii waan raawwatamaniif, warri Isatti amanan ulfina Isaaf akka kennanii fi akka Isa dubbisan, Barreessaa Isaattis akka amanan abboomamaniiru. Wanti durii jalqabee abdachiifamaa ture hunduu raawwachuutu irra jiraata, sababiin isaa, tokkoon tokkoon barootaa keessa Yesus Kristostu jira waan ta'eef. Kaleessa isuma ture, Nohi keessa kan ture Yesus Kristosi dha; Musee keessa kan ture Yesus Kristosi dha, Daawit keessa kan ture Yesus Kristosi dha, Yoseef keessa kan ture Yesus Kristosi dha; Yesus Kristos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana. Har'as saba Isaa gidduutti argamee, bara kana keessa waan gochuuf abdachiise godhaa Inni jiru, Yesus Kristosi dha. Inni Yesus Kristosi dha.

Akkuma obboleessi tokko asitti dubbate, Waldaan amaleeffannaa keessa-ba'aa keessa jirti, baay'ee fagaatteetti. Hanga wanti ta'e tokko dhufee nutti bu'ee Sagalichaatti nu deebiseetti, waldaan keenyas haaluma kana fakkaatu keessa turte. Inni kana gochaa jiraachuu isaa attamitti beekna? Inni akkaataa sagantaa Waaqayyo Ofii Isaatii baasetti kan dhufe waan ta'eefi. Inni karaa nama miseensa waldaa ta'eetiin hin dhufu, inni daldalaatiin hin dhufu, inni karaa waldaalee kristaanaatiin hin dhufu. Waaqayyo sagantaa Ofii Isaa baasee lafa kaa'eera.

25 As Shirevportititti tamsaasa biyyaalessaatiin guutummaa biyyaatti guyyaa tokko dubbachaan ture, innis, Utuu Fedhi Waaqayyoo Keessa Hin Jiraatin Waaqayyoon Tajaajiluu kan jedhu irratti ture. Daawwit saanduqa kakuu Waaqayyoo biyyatti deebisuu yaale. Inni mootii dibame ture. Maaliif jennaan, inni warra isaaf ergaman mariisiseera,

angafa kumaa angafa dhibbaa isaa mariisiseera. Isaan hunduus, "Kun Dibbii Sagalee Gooftaati" jedhan. Isaanis luba mariisisan, "Inni kun dinqii dha" jedhan. Isaan hunduu guutummaatti hafuura keessa galanii in iyyan, akkaataa seera amantii isaaniiti waan barbaachisu hundumaa in raawwatan. Wanti isaan godhan kun dhibbaa dhibbatti fedha Waaqayyootiin ala ture, sababiin isaa raajiin Naataan jedhamu biyyicha keessa kan jiru yoo ta'u, waa'ee kanaa namni isa mariisise hin turre. Hubattanii? As irratti kan hubannu waan haxxummaan keessan hin jirreen iyyuu, Waaqayyoon tajaajiluuf yaaluun isaanii hin hojjenne.

26 Kana caalmaatti nama haxxummaan keessa hin jirre ta'uu dandeessa; garuu, waan hojjechaa jirtu hin beektu taanaan, qilleensa habootaa jirta. Gara Sagalee Waaqayyootti deebi'itii sarara Isaa qabadhuu deemi; yoos waan gochaa jirtu in barta. Akkuma loltuuti, loltuun hanga ajaji isatti kennamutti waan gochuu jiru hin beeku. Nuyi dirqamatti loltuu Kristaanaa taanee, ajaja Macaafni Qulqulluun yeroo ammaatiif kennu fudhachuu qabana; ajaja kaleessaa miti, ajaja dheengaddaas miti, ajaja har'aa (karaa kamiin deemuu akka qabnuuti) malee. Yeroo amma keessa jiraachaa jirruu qoradhaa.

Taatewwan ammayya'oon kun ariitiidhaan nutti mucucaataa kan jiru yoo ta'u, guyyaa tokko waan tokko malee boodatti hafnee, qabamnee utuu hin beekin mallattoo bineensichaatiin akka hin mallatteeffamne of eeggadhaa.

27 Amma egaa, nuyi obsaan isa kana eeggachuu qabna, dubbiin raajii abdachiifamnii hunduu akkataa bara isaaniitti fiixaan ba'uun diqama. Inni dursee waan nutti dubbatuuf, Abbaan dubbichaa kana dursee kan hojjete yummuu ta'u, kan nuyi eegnu immoo isa Inni ammas irra deebi'ee hojjetu dha. Yeroo attamii keessa jiraachaa jirraa! Waan akka kalandarii ti; lakkoofsa guyyaa bara keessa jirachaa jirtanii hubachuudhaaf akkuma kalandarii ilaaltan, bara amma keessa jirachaa jirtan hubachuuf Macaafa Qulqulluu Waaqayyoo ilaalaa. Nuyi bara Metedistii, bara Baaptistii keessas jiraachaa hin jirru. Nuyi bara Misirroo keessa jiraachaa jirra, bara waamamuu, bara karaa Waaqayyo abdachiiseen gara Isaatti deebi'uu keessa jiraachaa jirra. Inni kana gochuuf nu abdachiiseera.

Garuu akkuma baroota keessatti ta'aa as ga'e, namoonni tiyooloojiidhaan hiikkaa ofii isaanii Isatti kan kennan yoo ta'u, Hooda Waaqayyootiin mul'achuu Isaa (innis, hiikkaa Waaqayyoo ti) isaan hin amanan; wanta ani jedhu miti, wanta namni biraan jedhu miti; wanta Waaqayyo abdachiisee fi wanta Waaqayyo godhu malee, isa kanatu Waaqayyo hiikkaa Sagalee Isaatii Ofii Isaatii gochaa akka jiru mirkaneessa.

28 Waggaa afurtama, waggaa shantama dura isaan isin warra Pheenxeqoostaaliitti dubbatan. Abbaan keessanii fi haati keessan, yummuu Pheenxeqoostaalii isa dhugaa turanitti, dhaabbata amantii abaaranii isa keessaa ba'an. Sana booda akkuma sareen diddiga isheetti deebitu, deebi'anii gara jaarmiyaatti deebi'an. Waanuma waldaa ajjeese deebitanii gootan, waanuma sanaan of ajjeeftan. Namoota achi keessa jiraniin wanti morminuuf tokko illee hin jiru, namaan wanti morminuuf tokko illee hin jiru, sirna wanta kana gochaa jiruun mormina malee.

Manatti, ani…mana deemee…Kana gubaa'ee nama biraa irratti hin lallabu. Daandii Bofichaa, kan jedhu irratti lallabuuf waanan jiruuf, kaaseta isaa dhaggeeffadhaa yeroo inni isin qaqqabutti.

29 Egaa, hubadhaa, isaan mirkaneeffannaa fiixaan ba'iinsa raajii Dubbii Sagalee Waaqayyoo arguu dadhaban. Utuu luboonni kunneen…Isaan akkaataadhuma Masihiin in dhufa jedhametti dhimmanii eegaa turan, isaan waan ta'uu jiru in beeku turan. Warri Fariisotaa yaada mataa isaanii qabu turan, warri Saaduqootaa, warri garee Herodisii fi hundumti isaanii, yaada mataa mataa isaanii qabu turan. Garuu Inni…hin dhufne. Inni akkaataa tokkoon tokkoon isaaniitiif faallaa ta'een, garuu akkaataa Dubbii Sagalichaatti dhufe. Yesus waanuma kana fakkaatu dubbate asitti: "Ana utuu beektanii, guyyaa koos immoo in beektu turtan. Utuu beektanii…in beektu turtan. Isin, 'Tole egaa, Musee! Nuyi Musee qabna' in jettu. Utuu Musee amantanii, Ana amantu turtan; sababiin isaa, inni waa'ee Koo barreesse waan ta'eef" jedhe.

Garuu, hubadhaa, yummuu Waaqayyo waan abdachiise mirkaneessuu jalqabutti, Yesus akkataa ulfinaatiin dhufuuti Isa irra jira jedhanii yaadu turan, akkasumas…Masihiin jechuu koo ti. Masihiin karaa garee isaaniitiin dhufuu qaba, kanaa ala taanaan Masihii miti. Tole egaa, dhimmichi akkasi, caalmaadhumatti immoo bara har'aa, "Fuullee ijaa kootiin hin ilaaltu taanaan, guutumaan guutuutti argaa hin jirtu" in jedhu. Hubadhaa,

karaan isaanii isa kana dha. Nuyi…Inni kun dhugaa dha. Yaada kana in jibbina, garuu wanti kun dhibbaa dhibbatti dhugaa dha.

30 Ibroota 1:1 keessatti, bara duriitti Waaqayyo karaa Ofii Isaatiin filateen Macaafa Qulqulluu bareessise. Inni raawwatee warra tiyooloojiitiin Isa hin bareessine, raawwatees warra tiyooloojiitiin Isa hin hiikne. Raawwatee barri itti warri tiyooloojii hiikkaa Dubbii Sagalee Waaqayyoo of harkaa qaban gonkumaa hin turre. Hiikkaan Isaa gara raajotaa duwwaa dhufa ture. Karaan tokkichi laaqii kana keessaa ba'uu dandeenyu, Waaqayyo raajii sana nuuf haa ergu, dhugaadhumaatti, karaa kana duwwaadhaan ta'uu isa keessaa baana. Itti amanamee fiixaan ba'iinsi isaa eegamaa ture.

Hubadhaa, Inni namaan hin barreeffamne, Inni Waaqayyoon barreeffame. Inni macaafa namaa miti, Inni macaafa Warra tiyooloojii miti. Inni Macaafa Waaqayyoo, Macaafa raajii Isa raajotaan barreeffamee fi raajotaan hiikamuu dha. Macaafni Qululluun, "Dubbiin Sagalee Waaqayyoo gara raajotaa dhufe" jedha. Dhugaadhumatti!

31 Yeroo yesus gara biyya lafaa kanaa dhufee turetti, yummuu Yohannis immoo raajii bara sanaata'ee raajii dubbataa turetti, inni kun attam bareechamee ibsame, yookiin, mul'inatti mirkaneeffame. Isaan, "Oo, Waaqayyo jaarmiyaa keenya isa guddaa as jiru kanaa fi wantoota kana hundumaa addaan cicciruuf deema jechuu barbaaddee? Akkasumas yeroon mana sagadaa keenya kana keessatti ammaa booda hin sagadanne dhufuuf jira nuun jechuu barbaaddee?"jedhan.

Inni, "Yeroon Hoolichi Waaqayyoo, namni, aarsaa cubbuu ta'ee Waaqayyoof dhi'aatu dhufaa jira" jedhe. Yummuu Inni dhufus Isa akka beekuu akka danda'u dubbate. Inni… jedhe. Inni dhugummaa ergaa ofii isaa sirriitti beeka ture, inni, "Inni amma iyyuu isin gidduu dhaabatee jira, isin garuu isa kana hin beektan" isaaniin jedhe. Inni amma iyyuu isin gidduu dhaabatee jira, isin garuu isa kana hin isa hin beektan.

Guyyaa tokko utuu Yesus gara isaa dhufuu argee, "Ilaa Hoolicha Waaqayyoo, Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu" jedhe. Battaluma daqiiqaa sanaatti Yesus fuula namootaa duratti dhugaan Isaaf ba'amee, akka mirkaneeffame in bare. Egaa, Inni Sagalee ture, isa kana in shakkinaa? Macaafni Qulqulluun Inni Sagalee ture jedha, "Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichi nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate." Egaa asitti Inni… Kunoo Sagalichi (Ilaalaa! Guutumaanguutuutti!) biyya lafaa irratti kallattiidhaan bishaan keessatti raajichatti dhufe.

32 Inni kun sirrii dha, Sagalichi yeroo hundumaa gara raajii Isaa in dhufa. Kanaaf Inni gara warra tiyooloojii dhufa jennee eeguun nurra hin jiraatu. Inni gara warra garee amantii dhufa jennee eeguun nurra hin jiraatu. Inni chaanelii daandii ittiin dhufuuf duraan dursee dubbateen dhufe, innis immoo karaa tokkicha Inni yoom iyyuu ittiin dhufuu dha. Inni tarii jibbamuu, tuffatamuu, fudhatamas dhabuu danda'a. Inni yummuu dhufu, moggaatti achi darbatamuu danda'a, wanti hunduus Isa irra ga'uu danda'a, garuu Waaqayyo akkumasaatti isa in hojjeta. Inni Yesus Kristos keessatti tuffatameera, inni Yohannis keessatti tuffatameera, inni Ermiyaas keessatti tuffatmeera, inni Musee keessatti tuffatameera. Inni yeroo hundumaa akka kana. Waaqayyo garuu akkaataa karaa Ofii Isaatii abdachiiseetti isa in raawwata. Eeyye, obboo, Inni karaa dubbateen raawwachuu raawwatee dhiisee hin beeku.

33 Namni mula'ata arge, yookiin sagalee Isaa dhaga'e, raawwatee guutummaa Isaa hubachuu hin danda'u. Inni dhimmoota baay'ee irratti beekuu in dadhaba, sababiin isaa, inni qodaa Waaqayyo keessaan dubbatu waan ta'eef. Yaadni Waaqayyoo karaa arraba namaatiin ibsama; yaadni, dubbiin Sagalee ifatti ba'e dha. Waaqayyo filannoo uumamuu biyya lafaatiin dura godheen, warra kan Isaa in filata. Inni isa kana baroota hundumaa keessatti godheera, Inni tokkoon tokkoon baraatiif nama ergeera. Akkuma waan Abrahaamitti dubbate fiixaan baasuuf, Inni Musee ergee ti. Museen mucaa sirrii ta'ee dhalate, inni karaa sana ta'uu hin barbaanne. Inni karaa sanaan kan dhalateef, sababa karaa sanaan dhalachuun isa irra jiruufi.

Akkuma kana bara hundumaa keessatti Waaqayyo isa kana utuu godhuu in argina. Waaqayyo akkataa duraan dursee yaadaan qabuu isaatiin filannoo Ofii Isaatii in filata; Inni raajotaa fi wantoota bara sanaaf akeeke in filata. Haala uumama namichaa, haala namichi itti lallabu, kennaa fi waan inni hojjetu hundumaa wal isaaf qixxeessuudhaan, bu'aa ba'ii bara sanaa keessa akka dabu in godha. Waaqayyo nama sana uumee isa erge. Akkuman galgala darbe lallabe, yaada sammuu Isaa keessatti, nuyi dhiig-sanyii

miciree sanyii Waaqayyoo ti. Namni sun bar asana keessatti akka dhalatu duraan dursee, molikiyuuliin iyyuu utuu hin uumamin dura, yookiin ifti, yookiin wanti kam iyyuu utuu biyya lafaa irratti hin uumamin dura Inni isa beeka.

34 Dhiig-sanyii abbaa keessanii waan turtanii, isin abbaa keessan keessa turtan, haa ta'u malee yeroo sanatti isin abbaa keessanii wajjiin walitti dhufeenya maatii godhachaa hin turre, sababiin isaa inni… Isin achi keessa turtan, garuu isinis abbaan keessanis wal hin beektan turtan, garuu isin foon uffattanii mul'ifamuun keessan tarii isaa wajjin walitti dhufeenya akka qabaattaniif ta'a. Egaa lammata dhalachuu keessaniin, gara Jireenya Bara baraatti dhalattaniittu. Inni immoo Jireenya Bara Baraa isa tokkicha yummuu ta'u, innis Jireenya Waaqayyoo ti. Tokkichi Jireenya bara Baraa afaan Griikiitiin Zo'ee (Zoe) jedhaman.

Yeroo sanatti isin ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo turtan yoo ta'e, isin yeroo hundumaa Waaqayyo keessa turtan jechuu dha. Garuu Inni siree kamii fi yeroo kam irratti akka facaafamuuf jirtan dursee baaka ture. Kanaafis immoo isin amma uumama, ilma Waaqayyoo taatan, ilma yookiin intala Waaqayyoo taatanii mul'achuudhaan bu'aa ba'ii yeroo kanaa arguudhaan hojii Waaqayyo Isa jiraataa bara kana keessaa dhugaa ba'uudhaaf, Ergaa bara kanaaf ergame arguudhaaf gara biyya lafaa kanatti dhalattan. Inni kun sirrii dha! Isa kana kan taasiftan uumamuu biyya lafaatiin dura ture. Utuu akkas miti ta'ee… Isin akkaataa kanaan hin filatamne taanaan, hammam yoo itti fakkeessitani iyyuu, isa ta'uu hin dandeessan. Utuu hundeen diimaa dhiiga hin qabaatin, attaitti hundee diimaa irraa dhiiga barbaaddu?

35 Sababiin waa'ee waan kanaa dubbachuuf yaalaa jiruufan qaba. Namoonni akka yaadaa jiranitti nuyi…Nuyi waa'ee rifeensa mataa gabaabfachuu dubartootaatii iyyaa oolla, namoonni immoo, "Tajaajila kee balleessaa jirta" jedhanii natti himu yeroon waa'ee kanaa dubbadhu. Tajaajila isa Waaqayyo Ofii Isaatii dhaaben balleessaa? Wal irraa fagoo dha! namoonni Sagalee Waaqayyoo yeroo dhaga'an…Daa'imni yummuu gadameessa haadha ishee keessatti uumamtu, yeroo seelii tokittiin sun gar asana deemtutti, seeliin biraan immoo isa irratti ol ijaaramaa deema; seeliin inni tokko kan namaa, inni itti aanu kan saree, inni itti aanu kan adurree, inni itti aanu immoo kan waan biraatu wal irratti ijaaramaa deema miti; inni dhugadhumatti, qajeelaadhumatti, dhala namaa ti. Namni yummuu Hafuura Waaqayyoottii dhalatus waan kan biraa gara jireenya isaatti galchuu hin qabu, Inni Sagalee Waaqayyo Isa makaa hin qabne isa bara sanaaf mul'atee dha. Inni guutummaa Sagalee Waaqayyoo in fudhata, inni seera amantii fi seera waldaa Isatti hin dabalu. Inni makaa kan hin qabne qulqulluu dha, Sagaleen Waaqayyoo nu gidduutti mul'ateera.

36 Macaafa Qulqulluu keessa ilaalaa, yoos barri nuyi keessa jiraachaa jirru maal akka ta'e, wanti gurguddaan ta'anii mul'achaa jiran kun eessatti akka argaman in argitu. Waaqayyo waan tokko gochuuf yummuu abdachiisu, waan sana kan raawwatu dhuma barichaatti yummuu waldaan qarqara kufaatii irra geessutti, yummuu Isheen Sagalicha irraa gara cubbuu fi jireenya biyya lafaa jiraachuutti galagaltutti. Akka biyya lafaatti jiraachuun cubbuu dha. Macaafni Qulqulluun, "Biyya lafaa yookiin waan biyya lafaa yoo jaallattan, jaalalli Waaqayyoo isin keessa hin jiru" jedha.

Galgala darbe dubbachaan ture, waa'ee aarsaa sababii cubbuu keenyaaf dhi'eeffammee, waa'ee hoolichaan dubbachaa ture. Inni guyyoota torba ture, inni bara waldoota torbanii bakka in bu'a. guyyoota torbaniif raajitiin namoota gidduuti hin argamu ture. Kana jechuun wanti Isatti dabalamu tokko illee hin jiru jechuu dha, Inni walitti fufiinsaan kan hin bukoofne ture. Nuyi seera waldaa, raacitii fi waan wal makaa nu gidduutti hin barbaannu. Biyyi lafaa akka nutti makamu hin barbaannu. Inni Buddeena Waaqayyoo isa raacitii of keessaa hin qabne ta'uu qaba, Sagalee Waaqayyoo isa makaa hin qabne ta'uu qaba, innis, "Namni Dubbii Sagalee Waaqayyoo Isa afaan Waaqayyoo keessaa ba'uun jiraata" isa jedhu dha.

37 Sirni damee amantummaa keenyaa, garaagarummaanii fi wantootni biroon raajitii, kana fi sana, biyya lafaa fi faashinii nutti dabale. Oo, inni bakka hundumaatti Hooliiwuudii of keessa galfateera. Xumurri isaa akka Ingilaand ta'ee iddoo aarsaa jedhanii waamuun iyyuu nama qaanessuuf deema. Yaa anaa! Akkuma obboleessi jedhe, "Bidiruu keessaa attamitti qurxummii argachuu dandeessa?" Inni kun sirrii dha.

Wangeela guutummaan Isaa humna Waaqayyootiin mul'ifamee, akkataa bara sanaaf abdachiifametti lallabamee, dhugaadhumatti fedha Waaqayyoo mirkaneessu

qabaachuutu nurraa eegama. Isa kanaan alatti, hammam Waaqayyoon tajaajiluuf yaaltu iyyuu, ati miseensa waldaa akkasumaanii ti. Tarii nama mana dhiichisa qullaa dhaqu ta'uu dandeessa, tarii nama waldaadhaaf baay'ee amanamu ta'uu dandeessa; garuu dhiigsanyiin Jireenya Bara Baraa sun drumaan ilma Waaqayyoo yookiin intala Waaqayyoo akka taatuf si hin muudne taanaan, waan boca hin qabne wayii taatee guddatta malee, gonkumaa ilma Waaqayyoo isa dhugaa yookiin intala Waaqayyoo ishee dhugaa taatee hin guddattu.

38 Yeroo hundaa seenaa cuucii joobira sanaa nan dubbadha. Innis immoo akkataa qotee bulaan tokko yeroo ta'e tokko indaaqqoo…Amantii gatii dhabsiisuu fakkaatee akka isinitti hin dhaga'amne nan abdadha. Qotee bulaan tokko indaaqqoo hammachisuu barbaadee, hanqaaquun tokko duraa hanqatte. Indaaqqoon hanqaaquu akka haammattu gochuuf hanqaaquu meeqa akka barbaachisu beekuu keessan nan shakka. Garuu, hundumaafuu, hamma barbaachisu godhachuuf hanqaaquu tokkotu isa hir'atee ture. Kanaaf man'ee joobiraa hanqaaquu lama qabu keessaa tokko hate. Sana booda hanqaaquu sana indaaqqoo jala kaa'e.

Jiibirri sun yummuu cuuciwwan warra kaanii wajjin cabee ba'utti, simbira nama kofalchiisu ta'ee argame. Inni sagalee haadhoon indaaqqoo sun ittiin cuuciwwan waamtu hubachuu hin dandeenye, haasaa ishee akkataa inni dhaga'uu barbaadu miti. Isheen kosii maasii keessaa haatee isaan qallabdi, kun immoo nyaata isaa hin turre. Inni waan fokkisaa wayii isaanitti fakkaata ture. Haadhoon indaaqqoo sun yummuu isa waamtu inni afaan ishee hin hubatu. Isheen asii fi achi deemtee kanaa fi sana nyaadhu isaan jetti, inni garuu hin hubatu ture. Kanaaf guyyaa tokko, immammaan isaa, yookiin haati isaa jechuu kooti, isiniif. Ani… Gara kibbaatti nuyi "Immammaa" jenna.

Kanaaf, hundumaafuu, inni…haati isaa hanqaaquu lama buuftee akka turte in beekti, garuu tokko qofaa iddoo sanatti waan argiteef isa bade sana barbaacha kaate. Iddoo hundumaa irra marsitee…biyya qaxxaamurtee, xumura irrattis gara maasii qotee bulaa sanaatti balaliite. Achittis utuu inni haadhoo indaaqqoo sanaa wajjin deemuu isa argite. Isheen iyyitee, "Gurbaa! Ati indaaqqoo miti, ati joobira!" jetteen. Isa kanatu sirriitti isatti dhaga'ame. Maaliif? Inni durumaanuu joobira waan tureef.

39 Dhiirri tokko yookiin dhalaan tokkos yeroo seera waldaa fi diilalla duudhaa amantii keessa taa'ee jirutti, inni ilma Waaqayyoo ta'uuf durumaan kan muudame taanaan, yummuu Sagaleen Waaqayyoo humnaan lallabamee, Waaqayyo Isa mirkaneessutti, inni in hubata; inni jalqabuma iyyuu joobira waan ta'eef, akkuma lamaa fi lama afur ta'e innis battaluma gara Isaatti in fiiga. Inni achi keessa turuu hin danda'u, sababiin isaa, akkaataan uumama isaa Sagalee Waaqayyoo baay'isee waan jaallatuuf. Inni yummuu Sagaleen Waaqayyoo bakkeetti ba'ee mul'atu yeroo argutti, namni kan bairaan maal naan jedhaattii dhimma hin qabu, inni gara Isaatti in balali'a, sababiin isaa, inni joobira xinnaa waan ta'eef.

Waliin dubbachuu isaanii itti fufuudhaan, inni, "Immammaa, attamittan asii ol ka'uu danda'a?" jedhee gaafate.

Haati isaa immoo, "Xiqqoo utaali, ani sin qadhaa" isaan jette.

Wanti isin gochuu qabdan tokkichi isa kana, innis, bakka jirtan irraa miilla tokko utaalaa, utaalcha tokko gara Waaqayyootti utaalaa, "Gooftaa Yesus, ani garaa koo guutuudhaan sittan amana. Ani Egaa bara kanaaf ergametti nan amana. Utuu Inni mirkaneeffamuu argeera, Inni sirrii akka ta'e nan beeka" jedhaatii waadaa tokko gala. Miilla keessaniin utaalaa, Immammaan keessan isin in qabattii. Hin yaadda'inaa, isin joobira'oo, isin fudhachuudhaaf isheen qophooftee achi jirti'oo.

40 Egaa amma, nuyi yeroo guddaa fi dinqisiisaa keessa jiraachaa akka jirru in beekna, garuu yummuu dhugummaa Macaafa Qulqulluu kanaa amantoonni mul'ina dhugummaa isaa araganiiru, ragaan dhugummaa Isaa immoo Waaqayyo Isa keessa jiraachuu Isaati. Dhibbaa dhibbatti dhugaa dha! Dubbii Sagalee Waaqayyoo yeroo sana abdachiifae, inni Waaqayyo kakate, amma beekameera. Sanyicha irraa qolli waan quncifameef, isaan Isa arganii Isa amananiirus. Isaan kaan Isa arguu hin danda'an, akkasumaan taa'anii Isa in ilaalu.

Akkuma isin beektan, dubartoonni rifeensa mataa isaanii murachuu akka hin qabne, ani guutummaa biyya kanaatti cimsee lallabeera. Garuu, yeroon hundumaa yummuun deebi'ee dhufutti isa duraa caalanii argamu. Maali rakkoon keessan? Waan sirrii hin ta'intu jira! Beekaa, isa kana Sagalichatu dubbate! Isin, "Inni kun

garaagarummaa fidu hin qabu" in jettu. Inni garaagarummaa fidu qaba!

41 Obboleessi gaariin tokko jira, inni, "Obbileessa koo Branhaam, harka sirra kaa'een siif kadhadha. Ani sin jaalladha. Ati tajaajila kee balleessaa jirta" naan jedhe. Itti fufees, "Dhimma akkasii keessa seentee dubartootatti waan akkasii himuun sirraa hin eegamu. Isa kana warri Paasteroonni haa hojjetanii dhiisi" naan jedhe.

Ani immoo, "Kun dhugaa ta'ee utuu jiruu, isaan garuu kana hin godhan" jedheen deebiseef. "Amma…" jedheen.

Inni immoo, "Gaariidha egaa, inni kun hojii kee miti, ati callisii dhukkubsataadhaaf kadhadhu" naan jedhe.

Ani immoo, "Yoos inni hojii eenyuu ti ree? Ani Wangeela lallabuufan waamamen" isaan jedhe.

Innis, "Yoos harka koo sirra kaa'een akka sirraa fuudhuuf Waaqayyoon kadhadha" naan jedhe.

Ani immoo, "Anis harka koo sirra kaa'een siif kadhadhan" issan jedhe. Hubattanii? Ani itti fufeen, "Isa arguu akka dandeessutti Waaqayyo ija kee akka banuuf, siifan kadhadhan" isaan jedhe. Kanaaf, inni kun sirrii dha!

Inni, "Lallabuun kan sirra jiraatu…Namoonni garbicha, raajii Waaqayyoo akka taate amanu.Dubartoonni kennaa gurguddaa, keennaa raajii fi wantoota garaa garaa attamitti akka argachuu qaban barsiisuu qabda" naan jedhe.

Ani immoo, "Utuu isaan ABCD isaanii iyyuu hin amanin attamittan aljebiraa isaan barsiiisa?" jedheen isaaf deebise. Hubattanii? Inni kun sirrii dha. Kanaaf isa gochuu hin dandeessu. Inni kun…hundumaa keessa jira. Inni kun sirrii dha. Wantoota hunduma biratti beekamoo ta'an, wantoota uumammaa utuu gochuu hin danda'in, attamitti wantoota Hafuuraa gochuu dandeessa? Dhugaadha! Yaa obboleessaa, yaa obboleettii, inni tarii qoosaa fakkaachuu danda'a, garuu Inni Wangeela! Inni dhugaa Wangeelaa ti. Inni kun Sirrii dha!

42 Qalbeeffadhaa, bara har'aa akkuma arginu namoonni… Namoonni Isatti amanuu hin dandeenye baay'eetu jiru, namoonni Hafuuraan guutaman illee utuu hin hafin. Waan isin naasisu tokkon isinitti himuuf jedha. Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamtan jechuun jiraanyichatti galtan jechuu miti, walumaa galatti akkas miti, sana irratti hundaa'a miti, inni lubbuu keessaniif waan gochuu danda'u tokko iyyuu hin qabu. Hubadhaa, inni sun cuuphaa dha. As keessa lubbuutu jira, kana keessa, inni egaa Waaqayyo biraa kan dhufe ta'uu qaba. Garuu karaa alaatiin mana keessan isa lafa irraa kanaa wajjin wal quunnamuuf qaamota miiraa shan qabdu. Keessa keessanii immoo hafuura qabdu, isa keessaas qaamota miiraa shan, kan ittiin alaa wajjin wal quunnamtan qabdu: isaaniis ceephoo, jaalalaa fi warra kana fakkaatani dha, miirota shanan qaama alaatiin wal quunnamsiisani dha. yaadhaa, hafuura sana keessatti Hafuura Waaqayyoo isa dhugaatiin cuuphamtanii, amma iyyuu jireenyicha dhabuu dhabuu dandeessu. Lubbuu Waaqayyoon dhaabamte duwwaatu jiraachuu danda'a.

Yesus, "Guyyaa sanatti baay'een gara koo dhufanii, 'Yaa Gooftaa, ani maqaa keetiin hafuurota hamoota baaseera, waan gurguddaa hojjedheera, hojii dinqii hojjedheera, kennaa Waaqayyoo isa guddaatiin raajii dhubbadheera mitii?" in jedhu hin jennee? Inni immoo, "Ija Koo duraa badaa, isin yaa warra hamaa hojjettanii, Ani sini hin beeku. Guyyaa sanatti baay'een gara koo in dhufu" jedhe.

43 Qayyaafaan raajii hin dubbannee? Inni seexana ture. Achitti wanti nuyi arginu…Luboonni, gurguddoonni, namoonni bara sanatti geggeessitoota gurguuddoo jedhaman sun, namoota waan hundumaan gadi of deebisan turan, garuu Sagalee Waaqayyoo Isa isaan duratti of mul'ise arguu dadhaban.

Duroo isaanii baay'ee fudhachuu dandeenya, baay'ee isaanii armaan gaditti barreesseera. Bala'aam hoo? Inni…ture. Isin, "Waaqayyo yaada Isaa in jijjiira" in jettu. Inni yaada Isaa hin jijjiiru!

Bala'aam yummuu akka raajiitti manaa ba'e, yummuu luba ta'ee achiti gadi bu'e, lallabaa ta'ee, yookiin maqaa barbaaddan isaaf kennaa, yeroo sanatti inni nama guddaa ture. Garuu yeroo namoota Israa'el abaaruuf Waaqayyoon gaafatetti; jalqabuma iyyuu inni akka isaanii miti. Kanaaf yeroo inni Isa gaafatetti,Waaqayyo, "Hin dhaqin!" isaan jedhe.

Sana booda isaan isa amansiisuuf, warra ulfina qaban, duroo duroodhaan, tarii kaan isaanii lubuuta yookiin maanguddoota, yookiin waan biraa, namoota barumsa gurguddaa qaban isatti ergan. Inni ammas achi deemee Waaqayyoon gaafate. Yeroo lammataaf Waaqayyoon gaafachuu hin qabdan! Waaqayyo jalqaba dubannaan, xumurameera! Waan kan biraa eeguun sirra hin jiraatu.

Ribqaan ajaja lammataa hin eegganne. Isaan, "Ammuma in deemtaa?" jedhanii ishee gaafatan.

"Mee isheen haa jettu."

Isheen, "Eeyyee nan dhaqa" jette. Isheen ciminaan Waaqayyoon tuqamteetti. Isheen akkaataa Hafuurri Waaqayyoo ishee geggeessetti jiraachuu isheetiin wanta dhibbaa dhibbatti dhugaa ta'e fudhachuu fi amanuu isheetiin giiftiwwan Macaafa Qulqulluu keessan jiran keessaa tokko ta'uu dandeessee ti.

44 Amma kan hubannu, Bala'aam arguu akka hin dandeenye dha. Inni deemee namoota, "Amm egaa, xiqqoo turi! Nuyi gurguddoota, namoonni gurguddaan gubbaa kana jieu, ati garee bittinnaa'aa dha" gara warra jedhanii ilaale. Hubattanii? "Nuyi hundi keenya Waaqayyo tokkotti amanna" jedhan.

Inni kun dhugaa dha. Isaan hunduu Waaqayyo tokkotti amanu turan. Isaan hunduu Yaahwee waaqessu turan. Mee aarsaa Bala'aamiin ilaalaa: iddoo aarsaa torba, lakkoofsa Waaqayyoo isa dhugaati; waldoota torban, hubadhaa; korbeessi hoolaa torban, waa'ee dhufaatii Goofataa kan dubbatu ture. Amantiitti cichuu yoo illaalle, inni akkauma Musee ture; garuu, hubadhaa, dhuga-ba'iinsi Hoodaa isa bira hin jiru. Iddoo sana keessatti isaan lamaanuu raajota turan.

Garuu tajaajila Musee keessa Utubaa Ibiddaa ol Waaqa irraa kennametu ture, Ifa macca sabichaa wajjin deemutu ture. Fayyina Hoodaatu ture, iyya sagelee Mootiitu macca sana keessa ture, milikkita gurguddaa, fayyina Hoodaa fi dinqii gurguddaatu isaan gidduutti ta'aa ture. Inni kun milikkita Waaqayyi Inni jiraataan saba Isaa gidduu jiraachuu ibsu dha.

Amantiitti cichuudhaan isaan lamaanuu sirrii dha. Bala'aam saba sanatti qoricha godhee isaan gowwomsuuf yaalii godhe. Yoom? Biyya Abdachiifamanitti galuudhaaf yeroo xiqqoon dura. Guyyaa itti aanu yookiin guyyaa lammaffaatti Biyya Abdachiifamanitti galu turan.

45 Garuu amma nan sodaadha…Inni kun qabxii yaadachiisaa cimaa ta'e dha, guyyaa tokko Isa kanaaf natti dhukaasanii na ajjeesuuf jiru. Garuu kana yaadadhaa, innis, Ikumenical Kaawunsiliin (Ecumenical Council) waldaalee kristaanaatti qoricha godhaa jira, inni, "Gareen keessan tokkuma" jedhee, isa keessatti isin galchaa jira. Isin garee garee tokko miti! Waan akkasii keessa ba'aatii, warra adda ba'an ta'aa! Dhibbaa dhibbatti kun dhugaa dha.

Bala'aam, "Nuyi…Ijoolleen keenya wal haa fuudhan, hundumaa irra kan caalu, nuyi Waaqayyo tokkotti amanna" jedhe.

"Namoonni lama utuu walii hin galin attamitti walii wajjin deemuu danda'u?" Utuu Sagalee Isaa wajjin walii hin galiin attamitti Waaqayyoo wajjin deemuu dandeessu? Attamitti seera waldaa (creed) fi waan kana fakkaatan Isatti dabaltu, akka kana hin goone abboomamamtanii utuu jirtanii? Kana gochuu hin dandeessan. Yaa obboleessaa, yaa obboleettii, karaan ittii kana godhan hin jiru. Isa raacitii qabuu fi isa raacitii hin qabne walitti makuu hin dandeessan. Bishaanii fi Zayitiin walitti hin makaman. Iftii fi dukkanni walitti hin makaman. Ifni humna guddaa qaba, inni dukkana ari'ee in balleessa.

46 Kanaaf nuyi isa walitti makuu hin dandeenyu. Cubbuu fi biyya lafaas walitti makuu hin dandeessan. Waldaa fi damee amantii walitti makuu hin dandeessan. Waldaa fi seera waldaa walitti makuu hin dandeessan. Biyya lfaa fi Wangeela walitti makuu hin dandeessan. Inni walitti hin makamu! "Isaan keessaa adeemaa, ittii gargar ba'aas; Ani isinan simadha. Ani Abbaa isiniif nan ta'a, isinis ilmaan koo intaloota koos in taatu" jedha Gooftaan Inni hundumaa danda'u. wantoonni kun ifattti baafamanii hamma mul'ifamanitti, dhugummaan Sagalee Waaqayyo bara kanaaf qabuu hamma mirkanaa'utti, raawwannee isa kana gochuu hin dandeenyu. Toora tarkaanfii isaa duukaa bu'aa.

47 Warra Pheenxeqoostee, sababiin ergaan Luuter isaa gateef isa kana. Akkataan

Wesiliin ergaa isaa gateefis isuma kana. Hubadhaa, Yoo Waldaa warra Wesiliiyaanii irraa amantii dhaban, isaan Pheenxeqoostaalii ta'u turan. Yoo warra Luuteraanii irraa amantii dhaban immoo, gara warra Metedistii dhaqu turan. Hubattanii? Amma yoo warri Pheenxeqoostaalii deeman, inni Misirroo in ta'a. Dubbatti deebitanii rarraatu taanaan, akka amma deemaa jirtan kanatti gara biyya lafaatti deebi'uu itti fuftu taanaan, isin balleeffamuuf jirtu! Inni qola sanyii duwwaa ta'uuf jira, hoffaan isaas gubachuuf jira. Isa kana in beekna. Inni qamadii Isaa gombisaa Isaatti in sassaaba. Baattuu qamadichaa yoo ture iyyuu, Inni qola qamadichaa ibidda hin dhaamneen gubuuf jira. Inni dhugaadhumatti Isa baateera. Garuu Lubbuun battaluma inni baala ta'etti isa dhiisee, gara waan biraa hojjechuutti darbe hamma inni guutummaa dhaabbii biqilaa ta'utti.

Waldaanis akkasuma karaa Qajeelummaa, karaa Qulqullummaa fi karaa Cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin (kennawwan iddootti deebisuudhaan), gara fakkaattii namummaa Kristos isa sirriitti dhufti. Kristos Dhirsa Misirrooti, Waldaattiin Misirroo dha, Misirrottiinis dhagna Dhirsa Misirroo ti. Inni Waldaa Sagalichaa ishee taate malee, Waldaa damee amantii qabaachuuf jira miti. Isheen Waldaa Sagalee ta'uuf jirti, Sagalee isa mul'ina Sagalee Waaqayyootiin akka beekamu taasifame ta'uuf jirti.

48 Bal'aam garaagarummaa jiru arguu hin dandeenye. Baay'een isaanii hin danndeenye.

Inni fuula isaa duratti yoo mul'ifame iyyuu, Fara'oon Isa arguu hin dandeenye.

Daataan Iswa arguu hin dandeenye. Daataan achi keessaa ba'e, Musee argeera beekas. Inni achi ba'ee, "Ati saba kana irratti ol ol of qabuu barbaadda. Warri waldicha keessa jiran hundinuu qullaa'oo dha!" jedhe. Waaqayyoo raawwatee akka sanatti hin hojjetu. Inni isa caalmaatti beekamtii argachuu barbaade. Inni, "Tole egaa, Warri waldicha keessa jiran hunduu qullaa'oo dha. Ati ofii kee…barbaadda" isaan jedhe. Nuyi utuu har'a akkas jennee, beeksisi karaa irratti maxxanfamu, "Cirracha qarqara galaanaa" kan jedhu ta'a.

Waaqayyo isa kanaaf dacha sanatti akka Isa erge Museen in beeka. Inni callisee, "Yaa Gooftaa…" jedhe balbala mana qulqullummaa sanatti mataan gadi gombifamee.

Waaqayyo immoo, "Isa irraa addaan of baasi" isaan jedhe. Achumaanis Waaqayyo lafti banamee akka isaan liqimsu godhe.

49 Yaadhaa, cubbuun Israa'eloonni hojjetan (dubbii Bala'aam, "Isaan hunduu tokkuma" jedhe fudhachuun isaanii, cubbuun sun raawwatee Israa'elootaaf hin dhiifamne. Ilaalaa, lakkoofsa nama naasisu tokkon isinitti hima; namoota miliyoona lama biyya Gibxiitii ba'an keessaa, nama lama qofaatu Biyya Abdachiifamanitti gale. Hundumti isaanii waanuma tokkicha nyaatan, isaan hunduu Hafuura keessa galanii shubbisaniiru, isaan hunduu waan baay'ee waliin qabu turan; garuu yummuu secca'amuun dhufetti, Sagaleedhaan secca'amuutu ta'e. Har'as akkasuma in ta'a! Secca'amuun Sagaleedhaan ta'a! Yummuu Yeroon secca'amuu dhufutti, inni, "Maaliif, asitti, nuyi…" jedhe.

Baay'ee isa dhugaatti in siqa, Macaafni Qululluun Matewos 24:24 irratti, "Bara dhumaa jala hafuuronni lama ka'anii, baay'ee wal fakkaachuu irraan kan ka'e, inni kaan warra fo'aman iyyuu yoo isaaf danda'ame in wallaalchisa" jedha. Qolli sanyii sun dhibbaa dhibbatti qamadii fakkaata, garuu qamadii miti. Hubattanii? Inni qamadii miti, garuu dhibbaa dhibbatti isa fakkaata. Hubattanii? Baay'ee walitti siqu, yoo isaaf danda'am warra fo'aman iyyuu in wallaalchisa. Isini yaa warra damee amantii uumtanii uumtanii damee amantii sana keessatti kuftanii, achitti gogdanii in duuttaniittu, qamadiin garuu karaa…ba'ee deemeera. Hubattanii? Inni kun dhibbaa dhibbatti sirrii dha. Inni baattuu dha malee, qamadicha miti.

Yaadadhaa, qamadiin jireenya isaa ittuma fufa. Yummuu tortoree biqilutti guutummaan jabina qamadii gara qamdii isa biqileetti in darba, akkuma gara mataatti deemaa deemuun, du'aa ka'uu guddaadhaan in biqila.

Raawwatee dhiifamni hin godhamneef!

50 Mee yeroo xiqqoodhaaf as irrattin dhaaba. Isin hin rifaasifne jedheen abdadha. Garuu, ilaalaa, mee waan tokkon isin gaafadha. Mee isa haa qabannu. Mee, lakkoofsi kun sirrii ta'a jennee haa fudhannu. Yummuu ispeermiin kormaa fi dhalaa walitti dhufu, ujummoo yaalii yookiin meeshaa ittiin loon diqaalomasan argitanii beektu yoo ta'e, dhangala'aa kormaa keessatti dhiigsanyii miliyoona tokko arguu dandeessu. Dhangala'aa

dhalaa keessas dhiigsanyii miliyoona tokkotu argamuu danda'a. Garuu isaan kana hundumaa keessaa tokko qofaan gabbachuu akka danda'u beektuu? Jabboonni xixinnoon sun, yookaan waan kamiinuu yoo ta'an, seelii miloyoona kana keessaa, seelii miliyoona tokko keessaa, seelii tokko qofaatu seelota jiran sana hundumaa keessaa of hojjechiisee karaa sirrii irra bu'ee hanqaaquu gabbatte sana argatee kan cabsu yoo ta'u, warri hafan hunduu in du'u. Isaan keessa tokko jireenyaaf kan kaadhimame yummuu ta'u, warri kaan garuu hin kaadhimamne, haa ta'u malee isaan hunduu tokkuma, wal fakkaatu. Miliyoona keessaa tokko!

Utuu galgala kana karaadhuma kanaan ta'ee maaltu ta'a laata? Akkan yaadutti, yeroo ammaa kana Kristaanota miliyoona dhibba shantu, lakkoofsa naannoo kanaatu addunyaa kana irra jiraata. Utuu ol butamuun galgala kana dhufee, jiraachuu warri ol butaman namoota dhibba shan qofaa ta'u jechuu dha. Tole egaa, kan isaan lakkaa'uu hin dandeenye namoota baay'eetu guyyaadhaa gara guyyaatti du'aan dhabamaa oola. Misirrottiin ol waan fudhatamtuuf waan kana hundumaa dinqisiifachuuf jirra; namoonni lallabuu isaanii ittuma fufanii, "Nuyi kana argachaa jirra, sanaa fi kan biraa" jechuu itti in fufu, gowwomsaa attamii akka ta'uuf jiru ilaalaa. Utuu akkas ta'a ta'een jedhe; ani akkas ta'a hin jenne, ani hin beeku, ani aangoo akkasii hin qabu. Abbaan murtee kanaa Waaqayyo dha. Garuu attamitti akka salphaatti ta'uu akka danda'u ilaalaa, lakkoofsa baay'inaa fi wantoota hundaa keessatti attamitti mirkaneeffamuu akka danda'u ilaalaa.

51 Qoraahi maaliif Isa Kana hin hubanne? Daataan maaliif Isa Kana hin hubanne?

Ahaab maaliif Isa hin hubanne? Yeroo Ahaab…Yoshaafaax yummuu gara Ahaabitti gadi bu'e, "Ahaab, nuyi rakkoo hamaa keessa jirra. Waaqayyo lafa kana akka nuuf kenne, Iyyaasuun akka lafa kana akka nuuf hire beektaa? Kutaa lafaa warri Sooriyaa qabatan sana beekta, lafti sun kan keenya mitii?" isaan jedhe.

"Eeyyee!"

"Ijoolleen keenya in beela'u, warri Sooriyaa (diinonni keenya) garuu ijoollee isaanii sooraa jiru, isaan qamadii kan keenya ta'uun irra tureen garaa isaanii guuttachaa jiru." Inni akkataa Caaffata Qulqulla'aatti sirrii dha. "Dhaqnee laficha yoo qabanne na gargaartaa?" jedhe.

Egaa amma, yeroo tokko tokko namni gaariin dhiibbaa hamminaa jala gale in kufa. Itti ilaaluu wayya, yaa waldaa, sirriitti itti siqaatii ilaalaa.

52 Amma, want jalqaba irratti beekuu qabdan, Yoshaafaax, maanguddoo amantii ta'uu isaatiin, "Tole egaa, Ol itti deemuu qabna, dhugaa dha, waldaa keenyaaf, nuyi hunduu saba tokko" jedhe. Garuu Isaan saba tokko hin turre! Lakki! Inni, "Tole egaa, waldaan keenya waldaa keeti, sabni keenya saba keeti. Dhugaadha, deemuu qabna. Garuu dursinee Waaqayyoon gaafachuu qabna" jedhe.

Innis akkasuma, Yaa Ahaab, "Hin shakkin, isa kana irratti yaada qopheessine qabna. Tole egaa, nuyi…" jedhe.

"Raajiin Gooftaa jiraa?"

"Ani Seminarii isaaniin guutuu ta'en qaba. Raajota bebbeekamoo dhibba afur kunoo asiin qaba. Isaan hunduu Ph.D., L.L.D., qabu, isaan hunduuL.D dachaa fi waan isaa wajjin deemu hundumaa raajota qabanii dha. Isaan hunduu…" jedhe. Amma egaa yaadadhaa, isaan raajota Ibrootaa, warra mana barumsaa raajummaa irraa baratanii ba'anii dha.

"Ol isaan fidaa mee, isaan irraa dhageenyaa" jedhe.

53 Amma egaa, Zedeqiiyaa dha jedheen amanaa (maanguddoo dura bu'aa tiksee mana sagadaa kan ta'e, hundumaa isaanii irratti) ol in gale, inni nama hafuuraan guutame ture. Inni dhibbaa dhibbatti hafuura keessa nama jiru ture. Inni achi ol ba'ee, gaanfa gurguddaa lama sibiila irraa in hojjete. Inni, "Isa kana beeki, GOOFTAAN AKKAS JEDHE, 'Gaanfa kanaan warra Sooriyaa guutummaa biyyaa keessaa ooftee in balleessita' siin jedha" jedheen.

Tole egaa, warri hafan hunduu, "Inni kun dhibbaa dhibbaatti sirrii dha!" jedhanii raajan. Hundumti isaanii, guutummaan Seminarii, irratti walii galan. Hubattanii?

Ahaab, "Argitee?" jedheen.

Yoshaafaax, guutumaan guutuutti waan hin goginiif, akka hafuura keessa galuu

wayii ta'ee, "Garuu namni kan biraan ittiin mari'achuu dandeenyu iddoo kan biraa hin jiruu?" jedhee gaafate.

"Yummuu guutummaan Ikumenikaal Kaawunsilii, 'Inni jedhame sirrii dha' jedhanitti, nama kan biraa maal mariisisuu barbaadde? (Dhiifama nuuf godhi, argitaa.) " Namni hunduu, 'Inni kun waan gochuu qabnu dha" jedhaniiru. Hubattanii? "Inni kun waan gochuu qabnu dha."

Inni, "Garuu namni kan biraa biyya kana keessa hin jiruu?" jedhee gaafate. Isa kopha galeessa sana, atuu beekta.

Inni deebisee, "Eeyyee, jira. Innis Miikiyaas ilma Imlaati; garuu sababii inni waa'ee kootiif wanta hamaa malee wanta gaarii raawwatee hin dubbanneef, ani isa nan jibba!" jedhe.

Innis, "Ahaa, yaa mootii, mee akkas hin jedhin" jedhe. "Dhaa isa waamaa" jedhe.

54 Kanaaf, tiksoota mana sagadaa keessaa, yookiin maanguddoota keessaa muraasni ilma Imlaa waamuu deeman, achis ga'anii, "Amma egaa, dhaggeeffadhu, gara jaarmiyaa keenyaatti deebi'uu in barbaaddaa? Waanuma isaan dubbatan yoo in dubbatta ta'e, isaan deebisanii si simatu" isaan jedhan.

Garuu wanti achi ta'e yoo jiraate, nama Waaqayyoo achi jiru sana irra namni tokko iyyuu quba isaa hin buufne; Waaqayyo harka Isaa isa irra kaa'e. Inni calaqqisiiftuu dhugummaa Waaqayyoo ture. Inni, "Dhugaa dha, waanuma Waaqayyo afaan koo keessa kaa'e duwwaa nan dubbadha" jedhe. Namni Waaqayyoo jira. Inni, "Halkan tokko naaf kennaa" jedhe. Kanaaf halkanni sun yummuu ga'u Gooftaan raajii xinnaa, nama tuffatamaa sanatti dubbate. Wanti isin jalqabatti beekuu qabdan, inni ganama barii itti aanuutti mana hidhaatii ba'e.

"Yaa ilma Imlaa, atoo maal jetta?" isaan jedhe.

"Dubbachuu jalqabi" isaan jennaan, innis, "Israa'eloonni guutummaatti akka hoolota tiksee hin qabnee tulloota irra bittimmaa'uu isaanii nan arge" isaaniin jedhe.

Inni immoo, "Maalan sitti hime! Waa'ee kanaa maaln sitti dubbadhe!" jedhe. Innis immoo…jedhe.

55 Sana booda dura bu'aan tiksee mana sagadaa sun maddii isaa keessa kabalee, "Hafuurri Waaqayyoo kun karaa kam ana bira darbee sitti dubbate? Sababiin isaa ani Hafuuraan guutamaa dha; ani Isaan shubbiseera, ani waan hundumaa godheera. Hubdhu, Hafuurri ana irra jira. Karaa kam ana bira darbee sitti dubbate?" isaan jedhe.

Amma egaa, hubadhaa, Miikiyaas ilma Waaqayyo, yookiin raajii Waaqayyoo isa dhugaa ta'uu isaatiin, mul'ata isaa Sagalichaan qoree ilaalaa ture. Inni Sagalichaan miti taanaan, soba ta'a. Hubattanii? Sagalee bara sanaaf kenname, hubadhaa. Egaa, inni akkaataa Caaffataa Qulqulla'aatti dubbate, lafichi isaaniif kennameera, lafti sun kan isaanii ti. Akkaataa Caaffataa Qulqulla'aatti, wanti hundinuu sirrii fakkaata garuu wantichi kan biraa ti.

Yaadadhaa, dhufuu kufaatii hundumaaf sababa kan ta'e Sagalee tokko duwwaa dha, Hewaan Sagalee Waaqayyoo tokko amanuu didde; jalqaba Macaafa Qulqulluutti, Sagalee tokkittiitu rakkoo hamaa fide. Yesus walakkeessa Macaafa Qulqulluutti dhufee, "Namni Dubbii Sagalee Waaqayyoo isa afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan jiraata" jedhe. Xumura Macaafa Qulqulluu irratti immoo, "Namni Isa irraa waa yoo hir'ise yookiin yoo waa Isatti dabale" jedha.

56 Kutaa Wanbeelaa keessaa waa qofaa…miti. Warri Metedistii kutaa muraasa Isa irraa fudhatan ka'an, warri Baaptistii, warri Presbaayteriyaanii fi warri biroonis akkasuma kutaa wayii Isa keessaa fudhatan, warri Kaatolikii kutaa wayii Isa keessaa fudhatan, Dhuga Baatonni Yaahwee, isaan hunduus akkasuma.

Garuu Inni guutummaa Sagalee ti, Sagalee hundumaa ti, Sagaleen bara kanaaf kenname; akkuma jirutti fudhachuu dha. Isa kana immoo hamma Waaqayyo raajii ka'ee dhaabatee, Isa nutti himu, Isa nuuf dhugoomsu, sirrii ta'uu Isaa nuuf murkaneessuu dibee nuuf kaasutti isa kana gochuu hin dandeenyu. Inni namoota keessa in mucucaata, akkuma kanaan dura ta'aa ture, isaan garuu raawwatanii Isa hin beekan.

Isin wari Kaatolikii, kan akka Jo'aan Aark, qoricha namatti gooti jechuudhaan mukatti hiitanii ishee gubdan; booda immoo reeffa luboota sanaa qottanii boolla keessaa

baaftan, waggoota dhibba lama booda reeffa isaanii qottanii baasuudhaan galaanatti darbattan. Qulqulluu Partikii fi warra kaan hundumaa isin beekuu hin dandeenye.

Jalqabatti wanti isin beekuu qabdan, gochi kun ammas karaadhuma keessan deebi'ee raawwachuuf jira. Waaqayyo isa kana in godha, isin immoo kun ta'uu isaa raawwattanii hin beektan. Hubadhaa, Inni qaxxisee isaan keessa galuudhaan Misirroo Isaa butee, qilleensa keessatti ol Ishee in fudhata, Inni namoota walakkaadhaa Ishee hate fudhatee in sokka.

57 Asitti wanti nuyi arginu, Miikiyaas mucaan xinnaan kun ani qoree ilaaleera jedhe, Waaqayyo karaa raajii dhugaa isa dura dubbatee akka ture in beeka. Raajiin inni isa dura ture maal jedhe? Inni akkas jedhe, inni, "Yaa Ahaab, dhiiga nama Naaboot nama qajeelaa waan dhagngalaafteef, saroonni dhiiga kee dhiiga Iizaabeel in arraabu" jedhee dubbate. Wanti dubbatame sunis akkuma jedhametti raachuutu irra ture, sababiin isaa Waaqayyotu dubbate waan ta'eef. Attamittiin raajichi waan gaarii waa'ee isaa dubbata utuu hamaa jiruu?

Utuu Waaqayyo Bara Waldaa Laa'odiqeeyaa kana irratti ka'ee jiruu, attamittin waa'ee isaa waan gaarii dubbachuu danda'a? Ati qullaa dha, gadadamaa! Ati, "Ani sooressa, irra kan caalun… Ani Waldoota akka Metedistii, Baaptistii fi Presbayiteeriyaaniin qaba. Ani kana qaba, ani sana qaba, isa hundumaa irra caalu kana, sana fi kan biroo qaba" in jetta. Inni kun sirrii dha, garuu ati waan dhugaa Waaqayyo mul'isaa jirutti qullaa, jaamaa fi nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u ta'uu kee hin beektu. Garanaan lixee garasiin isin keessa darba. Hubattanii? yaa saba nana, utuu isinitti hin barfatin, amanaa.

58 Amma egaa, as irratti wanti nuyi arginu, inni maddii isaa keessa kabalee, "Hafuurri Waaqayyoo kun eessaan ana bira darbee…" isaan jechuu isaat ti.

Miikiyaas, "Waaqayyo teessoo Isaa irra utuu taa'uu, macci waaqa irraas hundinuu…Inni macca waaqa irraa waamee, 'Eenyutu Ahaab Raamoot-giil'aad dhaqee akka ajjeefamuuf isa gowwomsuu danda'a?' jedhe" jedheen. "Sana booddee hafuurri sobaa tokko fuula Waaqayyoo duratti qoomma'e; hafuurri sobaa" jedhe. Egaaa yaadadhaa, hafuurri sobaa sun raajota kanatti gale, hafuurri isaan irra jiru sun akkaataa Dubbii Sagalichaatti akka hin ta'in baruutu isaan irra ture. Garuu isaan hamma miira isaanii to'achuu dadhabanitti mirqaanan, sababiin isaa, isaan raajota mootii waan turaniif, sababa waan gaggaarii hundumaa qabu turaniif.

59 Bara har'aa kanas wanti waldaan goote isa kana. Amaleeffannaa gaarii waggootaan dura qabdu turtan, isa karaa irra dhaabattanii Wangeela lallabdan durii sana irraa fagaattaniittu. Jaarmiyaalee kanneen keessaa baatanii, "Saba birmaduu ofiin jettuu!" Waawuu, lakki! Sababiin isaa akka booyyee itti deebitanii laaqqattaniittu, yookiin akka saree diddiga keessanitti deebitaniittu. Inni jalqabatti isa diddigsiiseera yoo ta'e, amma deebi'ee isa in diddigsiisa. Inni kun sirrii dha! Waaqayyo afaan Isaa keessaa si tufuuf jedha, Inni, "Ati bu'aa'aa dha; ho'aas miti qorraas miti" jedhe; wal ga'ii gabaabduu qodhattee, sana booda, meeshaa muuziqaa rukutattee faarfannaa muraasa faarfatta, yummuu wanti kun dhibbaa dhibbaatti…gara Kristaanummaa tuffachiisuu irra ga'eera.

Guyyaa tokko iddoo namoonni wal ga'anitti faaruu faarsuuf utuu jedhanii, televizhiinii irraa akkan ilaaluuf ilmi koo na waame. Gurmuun warra safuu hin qabnee sun as ba'anii dhaabbatanii, akka warra rookii-fi-rooliitti of raasaa macaafa faarfannaa irraa faarfatu turan, inni kun Yesus Kristosiin tuffachuu dha! Kana booda guutummaatti tasgabbiin Waldaa keessa hin jiraatu. Inni Waldaa Waaqayyo Isa Jiraataa iddoo Yesus Kristos humnaan Ofii Isaa itti mul'isu ta'uu irra, iddoo dhiichisa rookii-fi-roolii fi iddoo agasiisa faashinii fakkaateera. Akka natti fakkaatutti, wanta sirrii hin ta'in tokkotu iddoo ta'e tokko jira. Isaan mucucaatanii ba'anii sokkaniiru. Macaafni Qulqulluunis akkasuma in ta'a jedha. Hubattanii? Garamitti deemaa akka jirtan ilaalaa? Of eeggadhaa, utuu isinitti hin barfatin dammaqaa.

60 Amma egaa, Inni, "Nama gadi bu'ee Ahaabiin gowwomsu eenyuun argachuu dandeenye, achitti gadi bu'ee Dubbii raajiichaa fiixaan akka baasuuf?" jedhe. Hubadhaa, raajiin Sagalee tokko dubbannaan, waaqnii fi lafti kun in darbu, Sagalichi garuu dhaabatee in hafa. Inni dhufee fixaan in baafama. Kanaaf inni dubbatame sun fiixaan ba'uun dirqama ture.

Inni immoo, "Namicha kana kuta mana hidhaa isa gara keessaatti hidhi, buddeen rakkinaa fi bishaan rakkinaa isaaf kenni. Yummuun nagaadhaan deebi'utti, anuu isa nan

kunuunsaa" jedhe.

Miikiyaas Hafuurri Waaqayyoo akka isa irra jiru waan beekuu, cimee achuma in dhaabate. Raajiin inni dubbate, mul'anni isaa sirrii dha ture. Ergaan isaa sirrii dha ture, sababiin isaa, Inni mul'ata keessatti ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE kan jedhu ture, Sagalicha irraas ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE kan jedhu ture waan ta'eef. Inni akkuma ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE jedhutti sirrii ta'uutu isa irra jira ture. Inni, "Ati nagaadhaan deebinaan, Waaqayyo natti hin dubbanne" jedhe. Sana booda waan ta'e immoo isinuu beektu, dhugaa dha. hubadhaa, isin…

Obboleessaa, qalbeeffadhu. Dhaggeeffadhu.

61 Dhuguman isiniin jedhe, Qayyaafaan Isa hubachuu hin dandeenye. Inni maaliif hin hubanne…? Inni Ilaaltuu mana quqlullummaa ture, inni waldaa hundumaa irratti angafa lubaa ture. Utuu Yesus achi dhaabatee jiruu maaliif namichi kun Isa arguu dadhabe? Maaliif Isa hubachuu dadhabe? Yummuu isaan Macaafa Faarfannaa boqonnaa 23ffaa, "Waaqayyoo koo, Waaqayyoo koo, maalif na dhiifte?" jedhanii waldaa keessatti faarfachaa jiranitti, Inni immoo fannoo irratti fannifamaa jira ture. Caafatuma ofii isaaniitii dubbifatan, Waaqayyo Isuma waaqessaa jirra jedhanitti faradanii "Leellisaa amantii" jedhanii Isa ajjeesan. Wanti isaan godhan isa kana.

Wanti kun ammas irra deebi'ammuf yeroon isaa akka ga'e utuun isinitti himee in naatu. Macaafni Qulqulluun akka jedhetti, Inni ala dhaabatee ol seenuuf balbala rukutaa jira, namni ol seeni Isaan jedhee Isa simate garuu tokko illee hin turre, "Warran jaalladhu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee geeddaradhu! Kunoo, Ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni Sagalee Koo dhaga'ee balbala yoo Anaaf bane, Ani ol nan lixa." Eeyyee. "Yaadadhaa, Ani waldaatti ol galuu hin barbaanne; Kanan ol itti lixuu barbaade isa, tokkoon tokkoon namaa ti malee." Inni waldaatti ol lixuu hin dandeenye, balbala Isatti cufaniiru. Jaarmiyaalee amantii baroota waldaa jiran hundumaa keessaa Waldaan balbala Isatti cufatte bara waldaa ishee yeroo kanaa duwwaa dha; Inni immoo yeroo ammaa kana Waldaadhaa ala jira. Gadi baafame! In jibbame! Fudhatama dhabe! Sababiin isaa…Inni darbee darbee waldoota tokko tokko keessatti bifa qajeelummaatii fi waan kana fakkaatuun of mul'isa; garuu asitti, bara amma dhufaa jiru kanatti guutuu ta'ee mul'achuu Yesus Kristos Isa kaleessa turee, har'as bara baraanis isuma sana ta'eetu mul'achuuf jira. Oo, akkeessistoota hedduun isiniif tuquu danda'a, garuu warra jalqabaa, warra yeroo jalqabaaf itti fakkeessuu jalqaban qorree ilaalla.

62 Moseen saba Israa'el baasuuf abboommii Waaqayyootiin gadi bu'e; yeroo kanattis, inni dinqiwwaan tokko tokko agarsiise. Warri akkeessitoonni hojii isaa duukaa bu'an. Utuu isaantu isa dursee dinqii sana raawwate ta'eera ta'ee, silaa isati akkeessituu ta'a ture. Hubadhaa, inni Dubbii Sagalee Gooftaa of harkaa qaba ture, Gooftaanis Dubbicha isaaf dhugoomseera; isaan amma iyyuu riphanii taa'aniiru.

Bara dhumaattis wanti kun akka raawwatu akka abdachiifame beektuu? "Akkuma yaaneesii fi Yaambres, Museedhaan morman, jarreen sammuun isaanii bade, karaa amantii isaanii qoramanii hin ilaalamin kunis akkasuma dhugaadhaan in mormu." Yummuu dhaabbanni amantii tokko… nama tokko karaa dhaabbata sanaatiin nama tokko simata taanaan, kun kan agarsiisu inni Waaqayyoon biraa kan hin taane ta'uu isaa ti; sababiin isaa, Waaqayyo dinqii fi wantoota kana yaada sammuu namaa harkisuuf jedhee godha, sana booda Ergaatu itti fufa. Inni akkas miti taanaan, Waaqayyo miti. Inni Waaqayyo miti! Waaqayyo yeroo hundumaa isa kana in godha.

Yihudaan Isa hubachuu hin dandeenye. Inni yeroo hundumaa Isatti aanee deemaa ture, garuu Isa arguu hin dandeenye.

63 Garuu inni dhugaan, inni Waaqayyoon durumaan dibame, dhiigsanyiin inni dhugaan, seeliin inni dhugaan, lubbuun Waaqayyoo inni uumamuu biyya lafaatiin dura Waaqayyo keessa ture Isa in hubate; yaadadhaa, isin warri galgala kana Hafuurri Waaqayyoo isin keessa jiru, isin Kristos keessa turtan, sababiin isaa, Inni fiixaan ba'iinsa Sagalee ture waan ta'eef. Guutummaan Waaqayyummaa namummaa Kristos keessa in jiraata. Waaqayyo Kristos keessa ta'uudhaan biyya lafaa Ofii Isaatti araarse. Isa kana in amantuu? Ilaalaa, Inni Kristos keessa ture. Isin dhiigsanyii tokko, sagalee tokko, elementii (attribute) tokko taa'uudhaan jaqbaa jalqabdanii Waaqayyo keessa turtan erga ta'ee, yoos egaa, al lafa kana irrattis Isaa wajjin deddeebi'aa turtan, Isaa wajjin lafa kana irratti haasa'aa turtan, Isaa wajjin lafa kana irratti dhiphifamaa turtan, Qaraani'oo

irratti Isaa Wajjin duutan, deebitaniis Isaa wajjin du'aa kaatan; amma immoo Yesus Kristosii keessa taatanii iddoo waaqa irraa keessa taa'aa jirtu, Isaa wajjin maaddaiitti dhi'aattanii Sagalee Isaa Isa lubbuu keessan quubsu soorachaa jirtu, Innis immoo Isa Inni, "Namni Namni Dubbii Sagalee Isa afaan Waaqayyoo keessaa ba'uun jiraata" jedhe dha.

Sagalee warra Metedistii miti, sagalee warra Baaptistii miti; yaadadhaa, qalma aarsaaf dhi'aatu irraa hurraan wayii yoo hafe, inni utuu hin lafti hin bari'in gubamuu qaba, sababiin isaa, bora bara waldaa kan biraa ti waan ta'eef. Inni kun sirrii dhaa? Seera ba'uu ti, Inni kun dhugaa dha. Fakkeenya, fakkeenya Aarsaa dhi'eessuu ti.

64 Balbalicha. "Ani mabdaraa tokko Nan ijaara. Karra balbala Mandara Ani siif kennuu hundumaan Ana Waaqessita miti; garuu Balballi tokko jira, bara baraan Maqaan Koo Balbala sana keessatti in waamama. Waaqayyo iddoo Maqaan Isaa akka itti waamamu filatetti aarsaa isin dhi'eessitan simata. Nuyi gosa balbalaa hundumaa ijaarre, garuu Waaqayyo balbala tokko duwwaa ijaare. Waaqayyo Balbala tokko duwwaa ijaare, Balballi sunis…ture. Wangeela Yohannis boqonnaa 10ffaa keessatti, Yesus, "Balbalichi Ana" jedhe.

Waaqayyo Maqaan Isaa bara baraan Yesusin akka waamamu godhe. Isa kana in amantuu? Inni Ilma Waaqayyoo ture. Ilmi angafni hunduu maqaa abbaa isaa fudhata. Inni, "Ani Maqaa Abbaa Kootiin nan dhufe, isin garuu ana hin simanne" jedhe. Ani maqaa abbaa kootiinan dhufe, isinis maqaa abbaa keessaniin dhuftan. Yesus Maqaa Abbaa Isaatiin dhufe, kanaafuu Maqaan Abbaa Isaa Yesusi dha; dhugaadhumatti, sababiin isaa, Inni Maqaa Abbaa Isaatiin dhufe waan ta'eef.

"ISin Ana hin simanne. Kan biraa maqaa ofii isaatiin yoo dhufe, isa immoo in simattu." Isin dhaabbilee amantii keessanii simattanii isaan duukaa in buutu. Callisaatii deemsa keessan ittuma fufaa, Macaafni Qulqulluun, "Isaan lafa kan akka guutaniif kaafaman. Isaan jaamaa qullaadhas, kana hundumaa immoo of irratti hin beekan" jedha. Waldaadha, dhaaba amantii ti, Oo, warra cimanii akka seera amantiitti jiraatani dha, akkuma Qaayin qajeelaa ture isaanis qajeeloo dha; aarsaa in dhi'eessu, waan hundumaa akkuma Abeel godhetti in raawwatu. Garuu waan attamii aarsaa dhi'eessuu akka qabu, Abeel mul'ataan arge, innis immoo firii ija mukaa lafa qonnaa irraa funaanamuu fi waan harkaan hojjetamu miti.

Warri amanan Sagalee foon uffate hubachuu danda'u; warri kaan garuu hin danda'an.

65 Israa'eloonni hunduu, erga Museen kana gochuu isaa arganii fi erga inni gara fuul wal ga'ii isa guddichaa, iddoo walga'aichi itti geggeeffamutti erga inni isaan fidee booda, hundumti isaanii, "Nuyi Bala'aam duukaa in buuna, sababiin isaa, Dr.Bala'aam sirrii dha jennee yaadna. Inni nama dubbii tulu dha, inni nama barumsa baay'ee qabu dha, waan hundumaan guutuu dha, kanaaf nuyi kan isaa in fudhanna" jedhan.

Waaqayyo raawwatee dhiifama isaaniif hin goone, Inni achuma lafa onaa sana keessatti isaan fixe. Yesus afaan Isaatiin, "Isaan raawwatanii hin deebi'an, isaan keessaa namni tokko illee fayyina lubbuu hin arganne" jedhe. Yesuu…jedhe.

Isaan, "Abaabiliin keenya waggaa afurtamaaf lafa onaa keessatti maannaa nyaachaa turan" jedhan.

Inni immoo, "Isaan isa nyaatanii booda immoo du'an, isaan bara baraan Waaqayyo irraa gargar ba'aniiru. Isaan hunduu du'aniiru" isaaniin jedhe. Dhugaa dha! Sababiin isaa, isaan waan sirrii hin ta'in waan dhaggeeffataniif du'an. Yeroo Museen, namni Waaqayyo dibe, gaggeessaa ta'ee karaa gara biyya abdachiifamaniitti isaan geggeessaa turetti, karaa dheeraa kana hundumaa amala gaarii qabu turan, garuu sana booda isaa wajjin deemuu hin barbaanne.

Amma, warri amanan Isa arguu danda'u, garuu warri hin amanin Isa dibamee ergame sana arguu hin danda'an.

66 Qayyaafaan attam akka nama seera amntii eegu akka ture ilaalaa. Luboonni sun hunduu attam akka warra seera amantii eegan akka turan ilaalaa. Yesus immoo gara isaaniitti gala galee, "Isin kan abbaa keessanii, kan seexanaa ti, hojii isaan in hojjettu" isaaniin jedhe.

Garuu amantoonni muraasni achi taa'anii turan. Yeroo Yesus, "Ani fi Abbaan Koo tokko" jedhu, bartoonni Isaa hubachuu danda'u jettanii yaadduu? Isaan Isa babal'isanii

hin ibsine. Yeroo Inni, “Foon Ilma namaa yoo nyaachuu dhaabaattan, dhiiga Isaas yoo dhuguu dhaabaattan Jireenya hin qabdan” jedhetti, isaan babal'isanii Isa ibsaniiruu? Lakki. Garuu Isa in amanan, sababiin isaa, Waaqayyo foon uffatee akka mul'ate arganii hubataniiru waan ta'eef.

67 Yesus, “Egaa Ani hojii Abbaa Koo hin hojjedhu yoon ta'e, Anatti hin amaninaa. Ani hojii Abbaa Koo Nan hojjedha yoon ta'e garuu, Anatti yoo amanuu dhaabaaattan iyyuu; hojii kanatti amanaa! Tarii isa kanaan in fayyitu ta'aa” isaaniin jedhe. Hubattanii? Yesus, “Hoolonni koo Sagalee Koo in dhaga'u, Ani isaan beeka, isaani Na duukaa in bu'u, yummuu Inni bara sanaaf ergamutti, isaan Isa in hubatu” jedhe.

“Tole egaa, Qayyaafaanisa akkuma warra sanaa Sagalicha bareera!” Garuu Sagalichi Sagalee bara sanaaf ergame miti. Inni sagalee Fariisonni isatti to'an of harkaa qaba malee, Sagalee yeroo sanaaf mul'inatti ergame of harkaa qaba miti.

“Isaan Sagalee koo in beeku, isaan milikkita Koo in beeku, isaan dinqii koo in beeku.” Amma attamitti…

Oo, mee gara mata duree keenyaatti haa deebinu, sababiin isaa, hin deebinu taanaan Caaffata kana baay'ee isaa dhabuuf deemna waan ta'eef, sababiin isaa, daqiiqaa muraasa fuula keenya dura jirtu keessatti akkumasaatti fixuufan deema waan ta'eef, sababiin isaa, sa'aatii afur ta'uuf daqiiqaa muraasatu hafe waan ta'eef. Ani Isa nan jaalladha.

68 Firootaa, isin namoonni yeroo muraasa dura karaa banaa kana gudduu deddeebi'uudhaan buusii Waldaa achi keessa buusaa turtan; isini namoonni ijoollee koo naaf soortan, namoonni ijoollee koo daara baaftan; namoonni horii (itti dadhabdanii argattan) qodaa buusii keessa buustan hunduu, horiin kun eessa akka deemu beektuu? Inni adeemsa koo isan biyya hambaa deemee, warra Ormaa, warra raawwatanii waa'ee Waaqayyoo hin dhaga'in bira deemuuf na gargaara. Wanti ani ittiin hojjedhu isa kana, dumbulloo buufamu hundumaaf, Waaqayyo faradaa koo ti. Isaan kun namoota koo muraasa…namni as taa'aa jiru kun isa keessa jira-koree to'attoota qabeenya Waldaa kootii keessa jira. Ani torbanitti doolaara dhibba tokkon arga dha, dimshaashattis kanuma; horiin hafe hunduu gubaa'ee baargamaa, iddoo isaan dhufuu hin dandeenyeef ispoonsera gochuudhaaf oola.

Waldaaleen ana hin afeeran. Isaan ana hin barbaadan. Lakki. Inni kun sirrii dha! Isaan amma, “Inni…” jedhanii maqaa natti baasaniiru. Isaan, “Inni 'Yesus Duwwaa (Jesus Only)' dha, yookiin inni waan akkasii wayii ti, yookiin isa amantii adda cabsate, mankaraaressaa, fi waan kana fakkaatan hundumaa, Iizaabeel” jedhanii na waamu. Anis isa kana nan barbaada, isaan Gooftaa koo, “Iizaabeel” jedhanii waaman, akkasumas isaan Isa Iizaabeel jedhanii utuu hin ta'in, “Bi'el Zebu” jedhanii Isa waaman. Isaan maqaalee gaggadhee kanneen hundumaan Isa waaman. “Abbaa manaa, 'Bi'el Zebul' jedhanii erga Waamanii, warra mana isaatii immoo hammam caalchisanii maqaa gadheedhaan haa waama ree!” Inni sunis jijjiirama addaa waan fidu hin qabu.

Isin mataan keessanis, gargaarsa Waaqayyootiin asitti ol ba'een, nama baay'ee of tuulaa ta'ee, waan…isinitti dubbadha jettanii yaadduu? Yookiin, waantootan Waaqayyo biraa dhufe jedhee akka yaada kootti dubbadhuuf, battaluma gubaa'ee keessatti kufee hin du'u jettanii yaadduu utuu akkas ta'ee?

69 Garuu yoon isinan jaalladha ta'ee fi yoo dhugaa beeke… Waanan Maqaa Gooftaatiin dubbadhee, utuu hin raawwatin hafe dhageessanii beektuu? Lakki. Ani nama kamiinuu nan gaafa dha. wantoota kumaatamatti lakkaa'amantu hanga har'aatti dubbatamaa jira, issn hunduu dhufanii in raawwatamu. Yaadadhaa, bara Saamu'eel waamamee ba'etti, isa jedheen amana, inni… jedhe. Israa'elonni akka saba kaanii of gochuu barbaadanii turan. Innis immoo waan isin warri Pheenxeqoostaalii itti dhufaa jirtani dha. Isin akka saba warra kaanii fakkaachuuf barbaadaa jirtu. Isin namoota warra kaanii wajjin tokko miti. Isaan irraa fagaadhaa. Waldaa gurguddaa fi waantoota mimmidhagoo ijaaruu, Oo, yaa obboleessaa, isa kana hin godhin. Dhufaatiin Gooftaa balbala irra ga'uu isaa lallabna, kottaa bakkeetti achi baanee warra Waaqayyoon hin beeknetti haa lallabnuu. Hubadhaa, waa'ee isa kanaatiif waan tokko hojjedhaa.

70 Garuu, hubadhaa, Saamu'el, “Ani ittiin jiraachuuf jedhee guyyaa tokko horii isin irraa fudhee beekaa?” isaaniin jedhe.

Isaan immoo, “Lakki, yaa Saamu'eel ati raawwattee kana hin goone” isaan jedhan.

Inni immoo deebisee, “Wanti ani Maqaa Gooftaatiin isinitti dubbadhe kam iyyuu dhufee raawwateera mitii?” isaaniin jedhe.

“Oo, inni kun sirrii dha, yaa Saamu'eel. Ani raajii Waaqayyo biraa ergame akka taate in amanna. Eeyyee, obboo. Wanti ati dubbate hunduu raawwateera, yaa Saamu'eel. Garuu waanuma fedheefuu nuyi isa in barbaanna” jedhan. Waan yeroo sana ta'e ilaalaa. Oo, yaa obboleessaa, Caaffanni Qulqulla'aan duraa duubatti deebi'ee Ofii Isaa Caaffata Qulqulla'aa keessaan irra deddeebi'uu ittuma fufa, sababiin isaa, karaa Waaqayyo hojjetutu akkasi, hubadhaa. Hubadhaa, isin yeroo akkasii wajjin walitti buutu.

Amma mee, ariifannee gara barreeffama keenyaatti haa deebinu. Egaa, yeroo kana hundumaan as ture, garuu amma iyyuu gara barreeffame kootiitti hin dhufinan jira.

71 Inni kun onnee koorraa kan madde dha! Ani isinan jaalladha! Biyya lafaa wajjin hin badinaa! Isin kan biyya lafaa yoo taatan, biyya lafaa wajjin in baddu. Isin kan Waaqayyoo yoo taatan, du'aa ka'uu keessatti Isaa wajjin in ol in baatu. Kanaaf, galgala kana namummaa keessan biyya lafaa fi wantoota biyya lafaa jaallachuu irraa, seera waldaa fi wantoota akkasii irraa jijiiramaadhaan, kallattiidhaan gara Qaraaniyoo gara Isa Aarsaa isiniif ta'ee ilaalaa; iddoo sanatti dhi'aadhaa, sababiin isaa, iddoon Inni itti isin argu achi duwwaa dha waan ta'eef. Inni…

Warri Metedistii, “Iddoon sun Waldaa keenya keessa” jedhu; warri Baaptistii, warri Pheenxeqoostaaliis, kana jedhu, warri Presbayteriyaaniis, sana jedhu.

Garuu Inni, “Iddoon Ani itti Isaanitti dhi'aadhu iddoo tokko duwwaa dha, innis, Iddoo Maqaan Koo akka itti waamamuuf Ani filadhe duwwaa dha” jedhe. Inni immoo Yesus Kristos keessa dha. Iddoon Waaqayyo Maqaan Isaa akka itti waamamu godhe Isa dha. Inni Iddoo tokkicha Inni itti isin argu dha; Innis immoo Kristosi dha, Sagalicha dha, kaleessa isa ture…Inni miilla irraa, sarbaa irraa jalqabee guddate. amma inni mataa irra ga'ee, deemuuf qophaa'aa jira; Guutuu safartuu dhaabbii Misirroo, Dhirsa Misirroo wajjin tokko ta'ee mu'ifamuutti jira.

72 Amma daddafnee gara barreeffama keenyaatti deebinee, diqiiqaa kurnan tokkoof waliin ilaallee, sana booda in xumurra. Egaa barreeffama keeya, nuyi hundi keenya isa fudhachuutu nurraa eegama. Akkuma barreeffamni keenyaa, inni akkuma amaleeffatametti, ammas deebi'ee raawwateera.

Waaqayyo akkuma Sagalee Isaatiin Miilkiyaas boqonnaa 3 keessaatti, “Kunoo, Ani Ergamaa koo isa karaa Anaaf qopheessu of dura nan erga” jedhetti‟ raajii Isaa ergeera.

Egaa amma yoo isa kana arguu barbaaddan, yoo mirkaneeffachuu barbaaddan, Maatewos boqonnaan 11ffaan isa kana in mirkaneessa. Bartoonni Yohannis cuuphaa ol ba'anii Yesusin yeroo arganitti, “Yohannis mana hidhaa jira” jedhan. Itti fufaniis, “Wanti nuyi Si gaafachuu dhufne yoo…” isaan jedhan.

Iji Yohannis inni ija joobiraa ture in jaame. Inni mana hidhaa jira ture, yeroon du'aa yummuu isatti dhi'aatetti, “Dhaqaatii Isa gaafadhaa” jedhe.

Hubadhaa, Yohannis, “Oo, deeggartoonni Isaa harka Isaa keessa jiru, Inni guutummaa lafa Isaa irratti ammuma bilisa baasa” jedhe. Inni miliniyeemiin yeroo sana jalqaba se'ee yaade, inni iji midhaanii bilchaateera se'ee yaade. Garuu inni du'ee gara hoffaatti ol ba'uudhaan, Misirroo ishee dhugaa hojjechuudhaaf ammas deebi'ee biqiluutu isa irraa eegama ture. Kanaaf inni, “Inni qamadii Isaa gombisaatti in galfama, habaqii isaa immoo ibiddaan in guba” jedhe. Isa bara sanatti Kristosiif karaa qopheesse ilaalaa, wanti inni jedhu hunduu in raawwate. “Iji midhaanii…”

73 Rafaa hin jirtan jedheen abdadha. Iji midhaanichaa as jira! Inni gombisaatti in galfama. Misirrottiin, qaama isaa keessaa tokko turte. Garuu hoffaa isaa irratti immoo maaltu ta'a jedhe? Inni ibidda hin dhaamneen in gubata jedhe. Amma utuu dandeessanii fayyina lubbuu keessanii barbaaddadhaa. Ija midhaanii ta'aa malee, habaqii hin ta'inaa. Hubattanii? gara isa Lubbuu qabuutti ol seenaa malee, gara dulloomaa bifa du'aa uffateetti hin galinaa; gara Jireenya Kristositti gala, gara Sagalee bakkeetti mul'ifameetti gala, isa…bakkeetti mul'ifamee fi mirkaneeffameetti ol seenaa. Yeroon kun yeroo midhaan sassaabuu ti, inni haamtuu isaa itti kaa'ee haamu dhufaa jira. Gara ija midhaaniitti galuu isinnif wayya, sababiin isaa, qolli sanyii bakkeetti hafuuf jira waan ta'eef.

74 Amma egaa, waan raawwatame kan nuyi arginu, Yesus…Kutaa koo isan Maatewos

11 irraa tuqaa jiru nan xumura. Hubadhaa, Inni Yohannis…hin laanne. Inni, "Amma, xiqqoo Na eegaa, Kitaaba amala Yohannis ibsu kan mata dureen isaa, Amanaa Mana Hidhaa Keessaa, jedhun isinitti kennaa" hin jenne. Lakki! Inni, "Naannoo kana dhaabadhaatii waan ta'u ilaalaa. Deebi'aa! Waan dhageessan, waan argitanis Yohannisitti himaa! Kan jaaman in argu, kan hokkolan inadeemu, kan lamxaa'an in qullaa'u. kan duudan in dhaga'u, kan du'an in ka'u, hiyyeessotaafis misiraachoon in lallabama" isaaniin jedhe. Kallattiidhumaan akkuma raajichi dubbatetti raawwatame. Yesus itti fufee, "Namni akka keessanii, kan waa'ee kootiif abdii hin kuttanne, gammachuu attamii qaba" isaaniin jedhe.

Warri ergaman kunis erga deebi'anii booda, Inni gara namootaatti gala galee, "Maal arguu Yohannis bira gara lafa onaa dhaqxan? Nama uffata miidhagaa fi dhagnatti tolu uffattee? Warri uffata mimmiidhagaadhaa fi dhagnatti tolu uffatanoo mana moototaa jiru; isaan daa'imman isaanii dhudhungachaa, du'aa isaanii awwaallachaas jiru, inni akkamitti akka billaa qabannaa lama qabu qabatan hin beeku" jedhe. Hubattanii? "Maal arguu isa bira deemtan? Jajjaba qilleensi arge raasuu? 'Na dhaga'i, Yohannis, yoo gara keenya in dhufta ta'e, horii caalchifnee siif laanna' jechuu dhaqaxanii? ('Tole egaa, Waaqayyo haa eebbifamu, ani kana booda Metedistii miti, ani Pheenxeqoostaaliin ta'a, ani Presbayiteeriyaaniin ta'a, ani kanan ta'a. ani sanan ta'a, isa warra kaan caalaatti horii qabun ta'a' jechuu dhaqaxanii?)" isaaniin jedhe. Inni, "Raawwattanii jajjaba qilleensi raasu arguu hin dandeenye" isaaniin jedhe. Yesus itti fufee, "Raajii ilaaluudhaaf baatanii? Eeyyee, isiniinan jedha, inni raajii irra iyyuu kan caalu dha" isaaniin jedhe.

75 Qoodni Yohannis cuuphaan Yesusif baase hundumaa irra kan xiqqaatu ture. Inni karaa sanaan dhufee akka raawwatamu in beeka; milikkinni sun utuu Isa irra qubatuu argee, "Inni kun Masihicha" erga jedhee booda, amma immoo deebi'ee, "Kan dhufuuf jiru Si'I moo? Kan biraa eeggannu?" jedhee gaafate.

Garuu, ilaalaa, Yesus isa kana in beeka, Inni deebisee qooda isaa isaaf kenne, Inni, "Maal ilaaluu dhaqxan, jajjaba qilleensi raasuu?" jedhe. Qooda isaa isaaf baasuu Isaatiin, "Nama ta'ee lafa irratti kan dhalate keessaa, Yohannis cuuphaa irra kan caalu takkaa hin kaane" jedhe. Inni kun sirrii dha! Maal dubbiin jajannaa nama kanaaf kaffalame hammana ga'u!

Garuu, hubadhaa, achuma ija isaanii dura ture, dubbiin raajii waa'ee isa dura bu'ee karaa qopheessuu dubbatamee, kallattiidhaan akkuma Miilkiyaas boqonnaa 3 keessaatti dubbatameetti ija isaanii duratti fiixaan ba'e. Egaa, inni sun Miilkiyaas 3 malee, Miilkiyaas 4 miti.

Yohannis cuuphaan Miilkiyaas boqonnaa 3 ture, Yesusis kanuma dubbate. Yeroo isaan, "Maaliif barsiisonni seeraa…" isaan jedhanitti.

Inni immoo deebisee, "Inni kanumaan dura iyyuu dhufeera; namoonni waanuma argan isa irratti raawwatan malee isa hin hubanne" isaaniin jedhe.

Garuu, yaadadhaa, Miilkiyaas boqonnaa 4, battaluma raajiin Miilkiyaas boqonnaa 4 dhufeen, dhufaatiin Yohannis cuuphaa inni afuraffaan…yookiin…inni kan Eliyaas in raawwata. Dhufaatiin Eliyaas inni shanaffaan mul'ata boqonnaa 11 keessatti ta'a, yeroo dhuga bootnni lamaan Yihudoota warra hafan qopheessuuf dhufanitti. Garuu Waaqayyo Hafuuruma tokkicha sanatti yeroo shan deddeebi'ee fayyadama: ayyaana (grace), Y-e-s-u-s, inni yeroo hundumaa Yesus ta'ee in jiraata; jechoonni f-a-i-t-h, g-r-a-c-e jedhamanii fi kanneen kana fakkaatan qubee shan irraa kan uumamani dha. Hubattanii? Lakkoofsi shan lakkoofsa ayyaanaa (grace) yummuu ta'u, Inni isatti fayyadameera. Callisee si'a sadiitti hin fayyadamu, callisee si'a lamatti, sadiitti, afuritti hin gargaaramu. Inni yeroo shan isatti dhimma ba'a.

76 Amma, amma dafaatii qalbeeffadhaa, gara xumuraatti deemaa jirra waan ta'eef. Inni, "Inni kun isa inni dubbate dha, 'Ani ergamaa Koo Of dura nan erga' jedhe" jedhe.

Garuu Miilkiyaas 4 keessatti, battala raajiin sun raajii dubbateen booda, guutummaan biyya lafaa ibiddaan in gubata, warri qajeelonni daaraa warra hamootaa irra in adeemu. Hubattanii? Dhugaadhumatti! Hubadhaa, inni kun ergaa raajii Miilkiyaas boqonnaa 4 keessatti dubbatame dha.

Luqaas 17keessattis hubadhaa, achi keessatti Inni, "Guyyaa gara dhumaatti haalli Sodoomii fi Gomoraa deebi'ee in mul'ata" jedhe. Isa kana keessa galleerraa? Sodoomii fi Gomoraa keessa galleerraa deebinee? Guutmmaa biyya lafaati, mee isa ilaalaa. Mee

waa'ee Ingilaand waan inni jedhu ilaalaa, wanti hunduu karaa irraa jallateera. Nyaatni illee utuu hin hafin karaa irraa jallateera. As irratti ilaalaa waan saayinsiin…Barruulee Riiders Daayijest (Reader's Digest) keessatti aragitu, ji'a darbe keessa kan maxxanfedha jedheen amana, innis, “Ijoolleen durbaa fi dhiiraa xixiqqoon walakkaa umurii isaanii irra kan ga'an, yummuu waggaa digdamaa fi digdamii shan ta'anitti” jedha. Anis Ijoollee durbaa umurii waggaa digdamaa, waggaa digdamii lama ta'anii xuriin laguu isaan irraa dhaabate gubaa'ee keessatti argeera. Maaltu kana fide? Karaa irraa jallachuu, diqaalomsuu. Wanti isaan mancaase isa kana, wanti hunduu dhanga namaa mancaaseera. Nuyi waan tokko iyyuu miti, garuu uumama laaqeen faalamee…akkuma biqilaa diqaalomee ti malee.

77 Biqilaa diqaalome fuutanii bakkee yoo keessan, bullaan daraaraa hundumaa gara isaattin in fiiga. Garuu inni biqilaa isa dhugaa irraa bullaan daraaraa in baqata, inni isatti qabatee hin turu. Rakkoon waldaan qabdu isa kana, nuyi isa diqaalomsineerra.

Rakkoon fardi Pi'eerii Griin gubbaa sanaa qabu isa kana, fardichi gaaf tokko gurbaa sana of irraa darbate, inni farda ga'eessa utuu hin ta'in ilmoo fardaa ture. Hubattanii? Inni akka gaangee wayii ti, inni…gaangeen abbaan yookiin haati isaa eenyu akka taate hin beeku, inni waan tokko hin beeku; inni walakkaan isaa gaangee, walakkaan isaa farda, walakkaan isaa kana, walakkaan isaa harree dha; inni maal akka ta'e of hin beeku. Raawwattanii…hin dandeessan. Guutuu jireenya isaatti isin dhiituuf isin eeggata. Inni kun sirrii dha! Isin, “Yaa ilma koo, ol seeni” jettu. Inni immoo gurra kaasee, “Haawu! Haawu! Haawu!” isinitti jedha. Hubattanii?

78 Akkuma kana namoonni kaan, “Guyyaan dinqii hojjechuu darbeera, Haawu! Haawu! Haawu!” jechaa jiranii ti, egaa isaan gamisaan diqaaloman kanatu miseensa waldaa fi kritaanota jedhamu. Ani qoosaadhaafin dubachaa jira utuu hin ta'in, dhugaa jiru dha. Garuu Inni dhugaan, inni sanyii abbaa fi haadha isaa isa dhugaa irra dhalate, yaa obboleessaa, inni abbaan isaa eeny akka ta'e, haati isaa eenyu akka taate, akaakayyuun isaa eenyu akka ta'e, akkoon isaa eenyu akka taate sirriitti beeka, waan tokko isa barsiisuu dandeessa, inni qaroo dha.

Kristaanni dhugaan inni Hafuura Qulqulluutiin dhalatee fi inni humna Waaqayyoo fi Dubbii Sagalichaatiin guutames, abbaan isaa eennyu akka ta'e, haati isaa eenyu akka taate, akaakayyuun isaa eenyu akka ta'e, akkoon isaa eenyu akka taate in beeka, inni waa'ee Isaa hundumaa in beeka. Waan tokko isa barsiisuu dandeessu.

Garuu gamisaan diqaalomuutu waldaatti dhufe. Diqaalomsuu biyya lafaa fi dhaabbilee amantii gidduutti raawwataniin, Sagalee xiqqoo as keessatti dabalan, Sagalee xiqqoo immoo achi keessatti dabalan, gowwomsaadhaa waanuma xiqqoo sanatu ga'aa dha. Inni kun sirrii dha. Yeroo isin dhugaan Sagalee Waaqayyoo bakkeetti baafamee mul'ifamuu Isaa hubattanitti, akkuma Qayyaafaa fi isaan kaan godhan, isaanis fuula isaanii Isa irraa galagalfatu, isaan hin beekan. Diqaalaa!

79 Ammas ergaa kana keessatti, Isaayaas 40:3 keessattis waa'e Yohannis dhugaa in ba'a. Inni, “Sagaleen nama lafa onaa keessaa lallabu tokkoo, 'Waaqayyoof karaa tolchaatii haraa, lafa duwwaa keessattis karaa gooftaan keenya irra adeemu qajeelchaa' jedha” jedhe. Inni gartuu isaanii keessaa waan hin ta'iniif, waldaan isa hin amanne. Raajiin sun lafa onaa keessaa ka'e, inni nama tokko utuu hin beekin qophaa isaa guddate. Inni Hafuura Isa Eliyaas irra ture qaba ture: inni nama lafa onaa ture, inni nama dubartii ejjituu nama jibbu ture.

Eliyaas attam akka…yaadadhaa. Mormi isaa akka irraa muramuuf maaltu sababa ta'e? Iizaabeeli dha. Sababiin du'a isaa Iizaabel ture. Kanatu gara lafa onaatti isa baqachiise.

Yohannis cuuphaan, nama lafa onaa jaallatu, nama adamoodhaan jiraatu, nama bosona keessa jiraatu isa biraa ti. Mee isa ilaalaa. Inni barumsa hin qabu. Barreeffama isaa ilaalaa, inni kan warra tiyooloojii hin fakkaatu. Inni, “Isin yaa dhaloota mar'ataa nana!” isaaniin jedhe. Lafa onaa keessatti wantoota jibbisiisaa ta'an keessaa inni hamaan isa bofti dhokattee isin miitu dha. Egaa inni luboota sanaan, “Isin yaa dhaloota mar'ataa nana, dheekkamsa isinitti bu'uuf jiru jalaa akka baqattaniif, eenyutu isin yaadachiise? 'Nuyi kan isa kanaati, nuyi kana qabna yookiin sana' jechuu hin jalqabinaa, Waaqayyo dhagoota kanattii, (lafa onaa sana), qottoo kanattii (isa inni itti fayyadamaa ture) Abrahaamiif ijoollee kaasuu akka danda'u isinittan hima. Ammuma iyyuu qottoon hidda mukaa hundumaa irra kaa'amee jira; mukti ija gaarii hin godhanne hundinuu

muramee ibiddatti in naqama” jedhe.

80 Inni nama fakkeenya uumamaatiin lallabu ture. Inni guddaa nama Waaqayyoo ture, inni yeroo gabaabduudhaaf lafarra jiraate, garuu dhugaadhumatti ibidda hin dhaamne guutummaa biyya lafaatti qabsiise. Tajaajila jo'oottan ja'an duwwaa tajaajile sana keessatti dhaloota sana raase. Ji'oota ja'an sanatti gara sabaatti isa baasuuf, Waaqayyo waggoota soddomaaf guddisee isa kaase. Waaqayyo karaa Ofii Isaa qaba, Inni midhaan sassaabami kan Isaa in beeka.

Ammas inni kun yeroo ammaatti guutumaan guutuutti bakka buufamuu isaati. Isaan isa hin amanne, sababiin isaa inni garee isaanii miti waan ta'eef. Isaan isa hin amanne. Isaan akkuma amaleeffatan godhan, isaan Isa hin hubanne. Isaan Dubbii Sagalee Waaqayyoo Miilkiyaas 3 keessatti dubbatame hin amanne, yookiin inni kun isa karaa qajeelchuuf dura ergame ta'uu isaa gadi fageenyaan, jecha jechaan ilaaluutu isaan irraa eegama ture. Isaan waggoota dhibba afuriif raajii hin qaban turan, asitti garuu namni tokko al tokkichatti iddoo hundumaatti ka'e. Hubattanii? Sabnis, warri amantoonni kun ta'uu isaa in amanan. Hubadhaa, isaan Isa hin amanne. Isaan hin amanne, sababiin isaa, yeroo wanti barreeffame guutummaatti hojiidhaan mirkaneeffametti, yeroo Inni waan Nan godha jedhe godhuuu fi waan hundumaa arganiiru, yeroo Sagaleen dhugaa ba'umsaa bishaan keessatti gara raajichaa dhufe ija isaaniitiin arganiiru, garuu amanuu didan. Isaan achi dhaabatnii turan.

81 Caaffata Ququlla'aa waa'ee Yohannis kana irratti wal mormii baay'eetu jira. Hubadhaa, Yohannis, “Siin cuuphamuun anaaf barbaachisa, ati immoo cuuphamuuf gara koo dhuftaa?” Isaan jedhe.

Yesus deebisee, “Waaqayyo duratti waan qajeelaa ta'e hundumaa akkasitti raawwachuun waan nuuf ta'uuf, (waan qajeelaa hojechuun waan nurraa eegamuuf), amma ana ittisuu dhiisi! Yohannis, raajii ta'uu keetiin, Hoolaan aarsaa cubbuutiif dhi'aatu utuu hin dhi'eeffamin dura miichamuu akka qabu in beekta. Ani Hoolaa aarsaa cubbuutiif dhi'aatu sanadha, ati immoo raajii akka taate beeki” isaan jedhe. Sana booda Isa dhowwuu dhiisee, Isa cuuphe. Hubattanii? Inni isa akka ta'e in beeka ture.

82 Ilaalaa, isaan isatti kolfan, akkuma amaleeffatan, “Harree diidaa, iyyaa, leellisaa amantii barumsa hin qabne” jedhanii isa waaman, raajiin sun isa dhufaatii Yesus isa jalqabaatiif karaa ciraa ture dha.

Ani isaan...hin jedhu. Isaan akkeessawwan (Impersonations) dhugaa bara har'aa fakkaatu hojjetanii hin beekan. Isaan in godhu, wanti isaan godhan mudaa tokko hin qabu. Garuu, yaadadhaa, doolaara sobaa yummuu argitanitti doolaarri dhugaan inni irraa hojjetame jiraachuu isaa hin dagatinaa. Iddoo tokkotti nama kiritaanatti of akkeessu yoo argitan, kristaanni dhugaan immoo iddoo ta'e tokko akka jiru beekaa; sababiin isaa, inni hin jiru taanaan, isa sanatu isa dhugaa (Original) ta'a waan ta'eef. Isa jalqabaa (original) kan ta'e qabaachuutu isin irraa eegama. Garuu isa duraa qoraatii, inni jalqabaa (Original) dhibbaa dhibbatti sagalee kakuu wajiin jiraachuu isaa ilaalaa. Yoo inni akkas ta'e, Isatti amanaa: Sagalii abdii baraa ti.

Sana booda raajiin Yohannis dubbate toora hojii Waaqayyoo keessatti dhugaan ba'ameef. Dubbiin Waaqayyoo gara raajichaa dhufe, nama sana ta'uu isaas dhugaadhumatti dhugaan in ba'ameef.

83 Ammas Yesus dhufetti…karaa isaan dubbii raajii sanaa hubataniin karaa adda ta'een dhufe. Isaan Inni karaa sanaan raawwata jedhanii hin hubanne. (Amma gara xumumaatti dhufaa jirra.) Garuu akkataa dubbii Sagalee raajiitti, akkaataadhuma dubbatametti in raawwatame. Wanti raajiin dubbate in raawwatame; garuu Inni karaa isaan ittiin raawwata jedhanii yaadaniin hin raawwanne. Egaa amma, isaan akkamitti sirrii ta'uu fi sirrii ta'uu dhiisuu Isaa addaan baafachuun isaan irra ture? Inni Waaqayyo kan dhugaa ba'eef ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa ilaaluudhaan, inni hiikkaa Sagalee Waaqayyo dubbatee ta'uu fi ta'uu dhiisuu ilaaluudhaan. Yesusonni sobaa ka'anii nama geggeessaa turan, duroo duroodhaan…dhibba afur ta'u, bakkee lafa onaa fi iddoo hundaatti; garuu inni raawwatee Sagaleedhaan of mirkaneessee hin beeku, hubadhaa, Innis akkasuma jedhee dubbate.

84 Yesus, yeroo dhufutti, Inni raajii ta'a ture. Inni kun sirrii dha! Har'as, Yesus deebi'ee dhufuun dura, guutummaatti mul'achuun namummaa Yesus Kristos fooniin in mul'ata. Itti yaadaa mee isa kana! Yesus, “Akkuma guyyoota Sodoomitti ta'e, akkasuma guyyaa dhufa ilma namaattis, guyyaa itti ilmi namaa mul'ifamutti in ta'a” jedhe.

Mul'ifamuu, jechuun maal jechuu dha? Bakkeetti baafamanii argamuu, akka beekaman taasifamuu jechuu dha. Dhoksaan duraan ture amma ifatti ba'ee mul'ifameera. Guyyaa Imni namaa mul'ifamutti biyyi lafaa haala Sodomiin keessa turte keessa in jiraatti. Guyyaa kana keessa jirra, keessa hin jirruu? Eeyyee! Nama meeqatu isa kana amana? Biyyi lafaa haala Sodoom keessa jiraachaa jirti. Inni kun dhugaadhumatti sirrii dha! Biyyi lafaa amma garamitti akka deemaa jiru ilaalaa.

Yaadadhaa, yeroo hundumaa gurmuu namoota isin walitti qabdanii keessa garee sadiitu jira, isaanis, Itti-fakkeessituu amantii, warra hin amannee fi warra amanani dha. Isaan kana garee hundumaa keessaa qabna. Warri kun yeroo hundumaa isaan keessas turaniiru. Warri garee Sodoomii turaniiru, warri garee Loox turaniiru, Abrahaamis tureera.

85 Abrahaam garee waamamee adda ba'e dha, jalqabuma iyyuu inni Sodoomiin keessa hin jiru. Amma Ergaa isaanii sirriitti ilaalaa! Isaan ilma akka godhataniif abdachiifam eegaa turan, bara dheeraadhaa isa eegaa turan. Waaqayyo milikkitaa fi dinqii gurguddaa baay'ee Abrahaamitti agarsiiseera, asitti garuu Waaqayyo Ofii Isaatii nama fakkaatee gadi bu'e!

Ati, "Inni Ergamaa Waaqayyoo ti" in jetta.

Abrahaam, "Gooftaa" jedhee Isa waame, jecha G-o-o-f-t-a-a jedhu isa qubee guddaadhaan jalqabu. Namni Macaafa Qulqulluu dubbisu kamuu G-o-o-f-t-a-a jedhu inni qubee guddaatiin jalqabu Elohim ta'uu isaa in beeka. "Jalqabatti Waaqayyo," Waaqayyo Gooftaa, Elohim, Isa hundumaa danda'u. Abrahaam, "Waaqayyo Gooftaa, Elohim" jedhee Isa waame.

86 Amma qalbeeffadhaa, namoonni ergaa fudhatanii gara Sodoomitti gadi bu'anii isaanitti lallaban, namoota lama turan. Isaan milikkita tokko iyyuu hin agarsiifne, garuu ija jaraa jaamsan; kana jechuun, Wangeela lallabuun nama hin amanne in jaamsa.

Garuu gareen Abrahaam milikkita attamii akka fudhatan sirriitti ilaalaa!

Amma, nuyi sanyii maatii Abrahaamitti in lakkaa'amna, Yisihaaq sanyii Abrahaam isa foonii ti. Garuu sanyiin amantii, amantiin Sagalee abdachiifamee, Sagaleen abdachiifame (Inni kun isin hin darbin) sanyii maatii sana dha; sanyiin sunis immoo amantii Abrahaam qaba ture dha. "Nuyi Kristos keessatti du'uu keenyaan, sanyii Abrahaam taane, akkuma abdachiifamnetti isaa wajjin in dhaalla."

Yeroo wanti kun hunduu ta'aa jirutti hubadhaa, dachaa Sodoom keessa tajaajiltootni lama ergaa guddaa fudhatanii dacha sanatti lallabaa turan.

87 Inni tokko garee Abrahaam isaan warra garee dachaa sanaa wajjin hin gowwomfamin biratti hafe. Amma egaa Isa garee Abrahaam biratti hafe ilaalaa, milikkita attamii akka Inni isaaniif kennu ilaalaa. Inni…jedhe. Amma, yaadadhaa, maqaan isaa guyyaa muraasa dura Abraam ture; isheen immoo S-a-a-r-a-a-y-i turte malee S-a-a-r-a-a (giiftii) jedhamti hin turre. Namichi kun dugda isaa dunkaanatti gatee…

Dubartoonni yeroo sanaa dubartoota warra ammaa irraa adda turan. Warri ammaa, akkuma isin beektaan ala ba'anii hojii abbaa manaa isaanii fi waan biroo hojjechaa oolanii galu. Garuu warri yeroo sanaa kana hin godhan; isaan gola keessa oolu.

Kanaaf isaan…Ergamoonni sunis achi taa'u turan. Ergamaan Inni tokkichi, "Abrahaam, haati manaa kee Saaraan eessa jirti?" jedhee isa gaafate. Inni attamitti isa beekuu danda'aa? Inni attamitti isa beekuu danda'e?

Abrahaamis, "Isheen duuba kee dunkaana keessa jirti" jedhee Isaaf deebise.

Inni, "Ani akkataa yeroon si abdachiisee sanatti ani si yaadachuufan jira. Ani sin yaadadha" isaan jedhe. Saaraanis garaa isheetti akka kolfuu taate.

88 Dugda isaa dunkaanatti galagalchee akkuma taa'etti, Inni, "Saaraan maaliif, 'Attamitti wanti kun ta'a?' jettee kolfite?" jedhee isa gaafate. Misirroo isaa yeroo sanaa kan taate isheen, utuu Abrahaam keessa hin jirtu taatee, Waaqayyo ishee ajjeesa ture. Nuyis har'a utuu Kristos keessa jiraachuu dhaabaannee, amanuu dadhabuu keenya hundumaaf Waaqayyo nu ajjeesa ture. Isa kanatu utubee achitti nu qaba, hubadhaa. Inni Abrahaamiin utuu hin miidhin Saaraa miidhuu yookiin Saaraa ofitti fudhachuu hin danda'u. Hubattanii?

Kanaafuu yaadadhaa, Yesus, "Akkuma guyyoota Sodoomiitti ta'e, akkasuma

guyyaa dhufaatii Ilma namaattis in ta'a" jedhe. Biyyi lafaa haala Sodoomii keessa akka jirtu namni hunduu akka irratti walii gale in argina. Gaazexaa waa'ee Loos Aangeles qabate tokko yeroo dhi'ootti dubbiseen ture, nan yaadadha, innis, "Wal quunnamtiin saalaa, saala wal fakkaataa lama gidduutti geeggeeffamu Loos Aangeles keessatti waggaa waggaadhaan dhibbeentaa digdama yookiin soddomaan dabala, waggaa waggaadhaan hamma kanaan dabala" jedha. Inni kun… Oo, inni kun waan rifaasisaa dha! Mootummaa keenya keessattii fi iddoo hundumaatti wanti hundumtuu karaa isaa irraa jallateera (perverted). Inni kun sirrii dha! Wanti hunduu, caasaan sirna waan hundaa, waldaanii fi wanti kan biraan hunduu karaa isaa irraa kaachifameera (perverted). Barri kun bara karaa irraa jal'achuu ti.

89 Amma isin obboloota koo warra tiyooloojiin waan tokko gaafachuu barbaada. Obboleessa koo jaallatam, ani jibba keetiif dubbachaa hin jiru; obboleessa ko, ani si gargaaruufan as dhaabachaa jira. Ani wanti Sagaleen Waaqayyoo dubbatu Isa dhugaa irra dhaabadhee, harka kee si qabeen namoota sonaan baay'ee fi waan kana keessaa si baasufan as dhaachaa jira. Sirrii dha!

Garuu asitti ilaalaa, ergamaa dacha Sodoomitti ergaman keessaa hanga ammaatti isa ammaa irraan kan hafe namni maqaan isaa birsaga h-a-m jedhuun xumuramu hin ergamne. Spurge'on, Wesley, Luuterii fi kanneen biroon dhufaniiru, garuu ergamaan addunyaalessaa kan maqaan isaa birsaga h-a-m jedhuun xumuramu kanaan dura hin ergamne. Inni kun sirrii dha! Hubadhaa, G-r-a-h-a-m qubee ja'a irraa kan ijaarame dha, (Afaan Ingiliffaa irraa akkuma jirutti barreeffame). G-r-a-h-a-m, Billy Graham; hojjetaan Wangeelaa (Evangelist) beekamaan sun, hojii Waaqayyoo gurguddaa hojjete, inni nama Waaqayyo biraa ergame dha. Inni Qajeelummaa qabatee ka'ee isaanis biyya hundeedhaan raase. Hanga ammaatti…

Mee Oral Robertis nama warra damee Pheenxeqoostaaliif ergame ilaalaa. Wanti yeroo sana ta'e yoom takkaa ta'ee beeka?

Qubeelee ja'a irraa ijaarame malee torba miti. Abraham kan jedhu, A-b-r-a-h-a-m (Ingiliffaan akkuma jirutti fudhatame) qubee torba irraa ijaarame. Billy Graham kan jedhu, G-r-a-h-a-m, qubee ja'a irraa ijaarame.

Amma gara ergamootaa ilaalaa. Yeroo amma keessa jirru ilaalaa, raawwatee seenaa keessatti yeroon akka ammaa hin turre. Milikkitoota akkataa Inni abdachiisee turetti tokkoon tokkoon garee hundumaa irratti ta'aa jiru ilaalaa. Garamatti akka isaan deemaa jiran ilaalaa. Dhugaadhumatti akkataadhuma jedhametti, tooraa qabatee iddoo iddoo isaa qabateera. Uumamni, biyyi lafaa, wanti hunduu, dhugaadhumatti yerichaa wajjiin kan wal kiphani dha.

90 Amma Inni isin hin darbin, yummuu Caffata Qulqulla'aa gadi fageenyaan ilaallu isin hin darbin! Amma haa ariifannu, sababiin isaa sa'aatii dheeraan isin turse waan ta'eef. Waamaa…As ilaalaa. Akkataadhuma raajichaatti, inni kallattiidhaan akkuma Sagalichi yeroo sanaaf ergameetti dhufe.

Egaa bara amma keessa jiraachaa jirru ilaalaa. Gara Sodoomii keessa jiraachaa jirra mitii? Ergamaa garee Abrahaamiif ergame sirriitti ilaalaa. Lakkoofsa qubee fi akkaataa moggaafama maqaa 'Abraham' jedhuu sirriitti ilaalaa. Isin, "Maqaa keessa homtinuu hin jiru" in jettu. Namni kam illee kana yoo isiniin jedhe hin fudhatinaa. Inni maaliif maqaa Abraam gara Abrahaamitti, maqaa Saaraayis gara Saaraatti jijjiire? Inni maaliif maqaa Simoon gara Phexrositti, kan warra kaan hundumaas maaliif jijjiire? Hubattanii? Dhuguman isiniin jedha, maqaa keessa waatu jira. Dhibbaa dhibbatti!

91 Sababiin ani ijoollee keessan "Ricky," yookiin "Elvis," yookiin waan kana fakkaatutti hin moggaasinaa jedhuuf isa kana. Elvis jechuun, "Adurree," Ricky jedhuun "Hantuuta" jechuu dha. Hubadhaa, yeroo isin…jettan…Inni kun dhugaadhumatti sirrii dha. "Les," yookiin waan ta'e tokkoon, ijoollee keessan keessaa nama tokko illee maqaa akkasiitiin akka hin moggaafne. Yaa saba nana, maqaa akkasii qabu taanaan amma daddafaatii jijjiiraafii. Isin hin…Isin warri…Garbicha Waaqayyoo akkan ta'e yoo in amantu ta'e, maqaa kana daa'ima xinnoo sanatti hin maxxansinaa. Yaa anaa! Isa kana keessaa ba'uufan dirqame, sababiin isaa mata duree koo keessaa waanan ba'eef, garuu wantin isa kana ilaalchisee dubbadhe kunuu ga'aa dha. Ani…Akkaataan isin kana gootan akkasi, isin yummuu maqichaan waamtan isa hin beektan. Hubattanii?

92 Isaan, "Nama ormaa, nama qoricha namtti godhu (falfalaa), seexan, Bi'el Zebuul" Isaan jedhan, itti dabalaniis kana irratti immoo, "Inni Ofii Isaa Waaqayyo of godhe"

Isaan jedhan. Oo, yaa anaa!

Isaayaas, "Inni Waaqayyo Jabaa in ta'a" hin jennee? Isaayaas 9:6 keessatti, "Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera; humni mootummaa Isaa gatiittii Isaa irra jira; Maqaan Isaa, 'Gorsaa, Dinqii, Waaqayyo Jabaa, Angafa Nagaa, Abbaa bara baraa' in jedhama" jedhee dubbate. Inni kun sirrii dha! Akkasumas, Wangeela Yohannis 1:1 keessatti, "Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi Ofii Isaa Waaqayyo ture. Sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduus buufate" jedha. Isa kanatti in amantuu? Inni callisee…hin turre. Inni raajii ture, garuu immoo Inni raajii irra kan caalu ture; Inni Waaqayyo raajii ta'ee dhufe ture. Inni dhufuun Isaa maaliifi?

93 Yaadadhaa, Inni maqaa ilmaa sadiin dhufa. Inni jalqabatti maqaa Ilma namaatiin dhufe. Inni raawwatee "Ilma Waaqayyoo" jedhee Ofii Isaa hin waamne. Isa kana in beektu. Hubadhaa, Inni Ilma namaatti dhufuun isaa raajii Isa taasisa. Yaahwee Mataa Isaa ti, Waaqayyo Abbaa, Ermiyaas, "ilma namaa" jedhee waame; raajiin ilma namaa ti. Inni…dhufe.

Amma immoo Inni Guyyaa Pheenxeqoosteetti dhufe, Inni bifa Hafuura Qulqulluutiin, Hafuura jabaa humna waaqa irraatiin deebi'ee dhufe. Amma egaa Inni Ilma Waaqayyoo ti.

94 Bara Miliniyeemiitti Inni ilma Daawit ta'uuf jira, Inni teessuma Daawit irra taa'uuf jira. Hubadhaa, Inni karaa…dhufa. Inni Ilma Waaqayyoo ti, Ilma namaa ti, Ilma Daawitis.

Oo, Macaafni Qulqulluun buddeena mi'aa'oo akkasiitiin kan guute dha. Hundumaa isaanii halkan tokko keessatti nyaannaa fixuu dandeenyu. Garuu inni har'aaf nuuf kenname gara xumuraatti dhufaa jira. bor tarii bari'uu dhiisuu danda'a ta'a. Tarii bor dursinee du'uu dandeenya ta'a. Tarii nama utuu lafti hin bar'in du'uuf jedhuttin lallabaa jiran ta'a. An tarii utuu lafti hin bar'in du'uun danda'a ta'a. Obboleessaa, obboleettii, kun oduu durii miti, kun dhugaa walii galaa ti! Nuyi yeroo itti lafa kana irraa godaannu hin beeknu, erga hafuurri keessan isheen dhumaa isin keessaa baatee booda immoo carraa tokko illee hin qabdan. Ammuma murteessi, hanga bor ganamni bari'uutti hin eegin, tarii bor yeroo baay'ee si darbe ta'uu danda'aatii.

95 Amma qalbeeffadhaa, isaan waanuma raajonni in godhu jedhanii dubbatan kallattiidhumaan Isa irratti raawwatan, Bara La'odeqiiyaa kana keessas waanuma sana gochaa jiru. isa kana ilaaluu yoo barbaaddan, Mul'ata boqonnaa 3 ilaalaa, "Jaamaadha, qullaa dha, kana shin beekan. Kristos isaanitti gala galee…" Yeroo Inni Ofii Isaa ammas bifa sanyii midhaaniitiin of mul'isuu jalqabetti, sanyii innumtu biyyoo keessa dhaabame sun Misirrottii ta'uuf dhufe; Misirrottii fi Dhirsi Misirroo foonii fi dhiiga tokko, ergamni isaanii tokko, waan hundumaan tokko, Waanuma Inni hojjete kallattiidhaan hojjechaa jirti; Hafuuratti jijjiiramteetti.

Egaa asii isaan akkeessuu fi waan biraa hedduu hojjechaa jiru, hundumti isaanii kitaaba mata mataatti qaban fudhatanii fiigaa jiru. Oo, raawwattanii miira akkasii hin dhageessan! Akkasuma… [Obboleessi keenya Branhaam funyaan isaatiin ol suufe.] "Amma foolii seexanaatu natti dhufe." Wanti kun hunduu, wanti sun hunduu, akkuma wanti inni ta'uu danda'u yoo jiraate akkuma Caaffata keessaa hin ta'in sana in ta'a.

96 Wanti dhugaan fuula isaanii dura kaa'amee jira, "Isaan miseensa dhaabbata keenyaa miti" jedhanii isa irraa achi baqatu. Yaa anaa, yaa anaa, sirriitti ilaalaa, dhugaadhumatti jaamaatu jaamaa harkisa. Wal fudhatanii boollatti hin kufanii? Barsiifata damee amantummaa nam tolcheetiin jaamsifamanii, akkuma Waaqayyo mul'ata 3 keessatti in godhu jedhee dubbatetti Waldaa keessaa Isa baasan; akkuma amaleeffatametti, akkuma raajii dubbatameetti isa raawwatan.

Amma attamitti Yesus Ofii Isaa bartoota sanatti akka beeksise qalbeeffadhaa, sana booda in xumurra. Bartoota sana lamaanitti, Qileyophaa fi hiriyaa isaatti attamitti akka of beeksise ilaalaa. Amma nuyi du'aa ka'uu keessa jirra, barii du'aa ka'uu keessa jirra, du'aa ka'uu isa jalqabaa keessa jirra; maal bariin akkass bareeddu, Yesus du'aa ka'ee saba Isaa gidduu jiraachaa jira. Maal yaadatamuun akkas bareedu!

Inni ammas isuma guyyaa sanaa ta'ee as jira, sababiin isaa, Inni kaleessa Isa ture har'as bara baraanis…Erga guyyaa sanaatii bara kam irra iyyuu caalaatti bara kana keessa Ofii Isaa mul'isaa jira; amma qamadii keessaan dhufeera, hoffaa fi qolli sanyii

hunduu darbeera, nuyi amma gara qamadiitti dhufneerra. Hubadhaa, nuyi deebinee qamadii taaneerra.

97 Akka beekamu…beekamu…Amma attamitti akka inni namoota sanatti Ofii Isaa beeksise ilaalaa, amma, Masihii isaanii ta'uu Isaa attamitti akka Inni isaan hubachiisa yaadadhaa (xumuruu keenyaan dura). Qalbeeffadhaa! Inni..akkuma Nan godha jedhee karaa raajotaa dubbate godhe. Hubadhaa, "Isin gowwoota attamii ti, waan raajonni jedhan hundumaas amanuudhaaf yaadni garaa keessanii attam daagii dha."

Mee sirriitti Isa ilaalaa! Inni gara Dubbii Sagalee Waaqayyootti isaan deebise, Inni 'satat' jedhee isaan duratti ba'ee, "Ana hin beektanii? Ani Masihicha Isa du'aa ka'e dha" isaaniin hin jenne. Inni raawwatee akkas hin jenne. Akkuma Yohannisi fi warra kaan hundumaatti Innis Caaffata Qulqulla'aan isaaniif kenne. Hubattanii? Inni dhubaatti… Isaan ofii isaaniitii isa baasanii dubbifachuu qabu. Ofii isaaniitii faraduutu isaan irra jira. amma egaa, utuu gara hirribaa hin deemin dura ofii keessanii murteessaa.

"Isin gowwoota attamii ti, waan raajonni jedhan hundumaas amanuudhaaf yaadni garaa keessanii attam daagii dha." Warra akka Isa beekanii itti dubbatamaa jiruuf kun ifannaa attamii ti. Hubattanii?

98 Akkaataa Inni mata duree dubbii isaaniitti dhi'aate hubadhaa. Inni akkaataan daqiiqaa muraasa dura dubbadhe sanatti dhufee, "Tole egaa, Ani Misihicha keessan Isa bara kanaaf ergame ta'uu koo hin beektanii? Ani Isa akkan ta'e hin beektanii?" isaaniin hin jenne. Garbichi Waaqayyoo inni dhugaan raawwatee ofii isaa akkasitti adda hin baasu; inni eenyu akka ta'e Caaffata Qulqulla'aa tu adda isa baasa. Dhuguma dhuguman isiniin jedha, inni akkasitti adda ba'a. Garuu Inni bara Masihichaa warra eeggataniif raajonni waan dubbataniin qalbii isaanii hawwate. Hubattanii? Duubatti deebi'e: "Isin gowwoota attamii ti, waan raajonni jedhan hundumaas amanuudhaaf yaadni garaa keessanii attam daagii dha" isaaniin jedhe.

Inni, akkuma Yohannis, Inni isaaniif maal akka ta'e akka adda baasuuf Sagaleen Macaafa Qulqulluutiif dhiise. Inni kun duwwaan ga'aa dha. Sagaleen Waaqayyoo adda Isa baafnaan, Inni ifaan ifatti abdii isaan bara dheeraaf eegaa turan sana dha. Isaan namni ta'e tokko bar asana kessaa iddoo sanatti akka dhufu in beeku.

Maaliif jennaan, Inni, "Mee amma waan Dubbiin Waaqayyoo bara kan keessatti in ta'a jedhee dubbate isinittan agarsiisa" isaaniin jedhe.

99 Ani, galagala kana, jecha jechaan (taayitaan isaa, iddoon isaa,maqaan isaa, waan biraa hundumaa, milikkotoota hundumaa, yeroo fi waan hundumaa illee utuun hin hambisin) nuyi yeroo dhumaa keessa akka jirru ani isintti himuuf hin yaallee? Dhugaadhumatti waanan dubbachaa jiru hubachuu in dandeessu. Hubattanii? Ilaalaa! Inni baay'ee ifaa waan ta'eef yaada dabalataatiin adda baasanii ibsuu hin barbaachisu. Inni yeroo biyya lafaa kana irra turetti, "Caaffata Qulqullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, Caaffatoota in qortu; Caaffatoonni sunis immoo eenyyu akkan ta'e Anaaf dhugaa in ba'u" jedhe.

Hubadhaa, Inni raajii Museetiin dubbatamuu jalqe, raajiin tokko, Seera Keessa Deebii 18:15 keessatti dubbate. Caaffata Qulqulla'aa keessaan barbaadaa jira. Seera Keessa Deebii 18:15 keessatti Museen, "Waaqayyo Gooftaan keessan…" jedhee dubbate.

Hubadhaa, Waaqayyo fiixee tulluu irratti isatti dubbate. Achumaanis, Oo, yaa anaa, bakakkaatu lafa raase; isaan immoo, "Gooftaan…Akka nuyi hin dhumnetti, Waaqayyo nutti hin dubbatin, Museen nutti haa dubbatu malee" jedhan.

Innis immoo, "Wanti isaan dubbatan ba'eessaa. Ani..Ani lammata akkasitti isaanitti hin dubbadhu, garuu Ani raajii akka keetii obboloota isaanii keessaa isaaniif nan kaasa" jedhe. Ergaan Isaa baroota hundumaa keessa darbaa ture egaa isa kana. Wanti waan hundumaa xumura irratti gadi teessise isa kana. Akkas ta'uus qaba, sababiin isaa Sagaleen Waaqayyoo gara raajii dhufuu tu irra jiraata. Karaan tokkichi Inni ittiin dhufuu danda'u isa kana. Akkas hin ta'u taanaan, inni Sagalee Waaqayyoo cabsee waan sirrii hin ta'in akka Inni dubbatu Isa taasisa. Hubattanii? Inni raawwatee gara Seminarii hin deemu. Inni gara raajii dhaqa. Raajiin immoo dibamee Waaqayyo biraa ergama. Akkaataan isin itti isa beekuu dandeessanis, waan namichi,…jedhee dubbatuun miti.

100 Nuyi Eliyaas qabna, kootii, waan biraa hedduu, dirribaa, wantoota gatii hin qabne kana hundumaa fi waan kana hundumaa wajjin warra gara garummaa amantii fi iddoo biraa hedduu deemanis guutaniiru.

Garuu kunoo akka abdii Sagalee Waaqayyootti, garbichi Waaqayyoo inni dhugaan, inni Waaqayyoon adda ba'e (Sagalee Dubbii isaatiin bara kanaaf deebii inni ta'e) gara biyya lafaa kanaa in dhufa, inni Misirrottii karaa in qabsiisa (waldaa ishee dhugaa ishee xiqqoo fi tuffatamtuu) sana karaa qabsiisee ol ishee in qaba. Inni kun sirrii dha! Inni, "Kunoo, Namni ani waa'ee isaa dubbadhe dhufaa jira, hubadhaa, inni dhufeera" jedhee in labsa.

Raajonni hunduuu waa'ee Isaa dubbataniiru, bara kanaaf immoo, maalif dhugaadhumatti waan inni jedhe dhaga'uun barbaachisaa ta'e. Isa Inni dubbate dhaga'uu in barbaadduu? "Waan raajonni jedhan hundumaa…" Yaadadhaa, Inni waan raajonni waa'ee Isaatiif dubbatan dubbate, waanuma Ofii Isaatii dubbate caqasuu Isaatiin Ofiidhuma Isaa caqase (Inni Sagalee ture waan ta'eef); Of caqase (quoting).

Amma Dubbiwwan Saglee Inni caqase waliin haa dhaggeeffannu. Waan Inni isaaniin jedhe dhaga'uu in barbaadduu? Mee xumuruu keenyaan dura haasaa isaan gidduutti adeemsifame waliin haa ilaallu.

101 Yeroo sanatti isaan, fannifamuu Yesus booda waan raawwatame, oduu waa'ee iddoo awwaalaa, waa'ee isa dubartittiin Isa argitee, waa'ee isa namni biraa Isa argee fi waan kana fakkaatan Isatti odeessaa turan. Inni…jedhe. Isaan oduu waan ta'e kanaa Isatti himan. Inni immoo kallattiidhumaan gara Dubbii Sagalee…Sagalee Waaqayyoo keessaan Ofii Isaa caqasuu jalqabe:

"Mee amma Zakaariyaas 12 ilaalaa." (Zakaariyaas 11:12 dirqama caqaseeraaf). "Inni meetii soddomatti gurgurame. Masihichi meetii soddomatti gurguramuun Isa irra hin turree?

"Faarfannaa 41:9 keessatti, Inni nama garaa isaatii, nama amanteen dabarfamee kenname. Hubattanii?

"Zakaariyaas 13:7 keessatti, Inni bartoonni Isaa in bittimmaa'an.

"Faarfannaa35:11 keessatti, dhuga baatonni Sobduun Isa irratti dhugaa ba'an.

"Isaayaas 35:7 keessatti, warra Isa hammeessan biratti duudaa ta'e, raawwatee afaan Isaa hin saaqqanne. (Tole, obboo.)

"Isaayaas 50:6 keessatti, Inni in soofame.

"Faarfannaa 22:1 keessatti, Inni iddoo fannootti, 'Waaqayyoo koo, maaliif Ana dhiifte?' jedhee boo'e. Lafeen koo hudinuu lakkaa'amuu in danda'a. Harka koo fi miilla koos uranii in fullaasan." (Mee raajii waa'ee inni dubbachaa jiruu as irratti ilaalaa!)

"Isaayaas 9:6, Mucaan nuuf dhalateera, durbi in ulfoofti fi kan biroo.

"Faarfannaa 22:18, Isaan uffata Isaatti muka buufatanii hirmaatan.

"Isaayaas 7:14, durbi in ulfoofti.

"Faarfannaa 22:7 fi 8, diinonni Isaa (waldaan) Isatti ga'isan, mee Inni of haa oolchu Isaan jedhan.

"Ammas Faarfannaa 22, Inni…lafeen Isaa hin cabne, garuu harkaa fi miilla Isaa in fullaasan.

"Isaayaas 53:12, warra balleessaa qabanii wajjin in ajjeefame.

"Isaayaas 53:9, Inni buruqfamee, obboleessa sooressaa wajjin awwaalame.

"Faarfannaa 16:10 keessatti, Inni du'aa kaafame. Daawit akkas jedhe, 'Ati Nama Koo Qulqulluu dhiphinatti hin laattu, ija Isaan iyyuu qilee akka argu hin gootu' jedhe. Inni du'aa kaafameera.

"Miilkiyaa 3, Yohannis cuuphaan isa dura dhufee karaa qajeelchu ture.

Kana malees tarii fakkeenyota baay'ee fudhatee isaanitti himeera! Yisihaaq iyyuu yummuu abbaan isaa isa fudhatee gara gaaraatti ol ba'e fakkeenya Isaa ti, Uumama 22.

102 Amma egaa nama Caafatoota bara sanaaf abdachiifamanii turan eenyu akka fiixaan baasu hubachuu jalqaban. Erga darbee, erga isaanitti barfatee hubachuu jalqaban. "Ahaa! Tole, mee xiqqoo turi! Maali dha beektaa?" jechuu jalqaban. Isaan yeroo sanatti Firri isaanii Inni isaan fannisan, Yesus, raajii bara sanaaf abdachiife ta'uu isaa baran. Isaan in baran sababiin isaa. Hubadhaa, isaan Caaffatoota irraa tuqanii odeessaa hin turre.

"Garuu, asitti, wantoonni in ta'u jedhamanii dubbatam hunduu fannoo irratti raawwatan. Isin gowwoota attamii ti, waan raajonni jedhan hundumaas amanuudhaaf yaadni garaa keessanii attam daagii dha; Kristos kun kana hundumaa dhiphatee ulfina Isaatti akka galu, guyyaa sadaffaatti du'aa akka ka'u baruu attam dadhabdan."

Amma iyyuu isaan deemsa ittuma fufaniiru. "Inni kun sirrii dha. Yeroo Inni…garaan keenya in raafame mitiiree?" waliin jedhan. Isa garaan isaanii raafame hin dinqifatinaa! Dubbiin raajii dubbatamee fiixaan ba'uu isaa, isa Inni isaanitti himaa ture dinqifadhaa malee.

103 Sana booda isan Fira isaanii sana, Namicha Isa Isaa wajiin irbaata nyaatan, Isa Isaa wajiin haasa'aa turan, Isa hiriyooman, Isa wajjin qurxummii qabaa turan, Isa Isaa wajjin muka jala ciisaa turan, Dubbii Sagalee Waaqayyoo bara sanaaf dubbatame fiixaan baasuu Isaa hubachuu jalqaban. Inni achuma ture. Isaan adeemsa maayilii ja'aa deeman, yeroo xiqqoo wayii fakkaata, garuu akkan yaadutti waa'ee raajii raawwatamee irratti lallaba sa'aatii ja'aa (xiqqoo sa'aatii keenya har'aa kan caalu, hubadhaa) dhaggeeffatan. Inni akka waan galgalli guyyaa ta'ee fakkaata ture, Ifni yeroo galgalaa'uu sun dhufeera.

Yeroon kunis yeroo sanaa wajjin tokko, waldaa! Ifti yeroo galgalaa'uu sun dhufeera! Ibroota 13:8, "Yesus Kristos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana!" Oo, taatewwan dubbii raajiitiin ifatti baafaman, har'as akkasuma in ta'a. Ifti galgalaa Inni raajii Waaqayyootiin, Zakaariyaas 14:7 keessatti abdachiifame, har'a amantoota dhugaa taatewwan amma ta'aa jiranitti ija isaanii haa banu, innis immoo dubbii raajii yeroo dhumaa keessa jiraachuu keenya mirkaneesse hubachuutti ija isaanii haa banu. Yesus dhufaa jira.

Waanuma qabatamaatti…Inni…

104 Inni, "Guyyaan biraa tokko in ta'a; gaafas yeroo galgalaa'u ifatu ta'a malee, guyyaan hin ta'u galgallis hin ta'u" jedhe. Inni, "Yeroo galgalaa'u Ifatu ta'a" jedhe. Amma, akka seera ji'oogiraafiitti aduun bahaan baatee, lixaan akka lixxu in beekna. Amma, raajichi, "Yeroon dukkana jedhamu kan akka…hin jiraatu. Halkan yookiin guyyaan hin jiraatu; inni akka ifa lafa barii (Gloomy day) in ta'a.

Amma egaa, Ilmichi (the Son) eessaan ba'e? Amma waa'ee Ilmaa dubbachaa jirra. Aduun (Sun) inni uumamaa, karaa bahaa ba'ee karaa lixaa lixa. Waaqayyos akkasuma. Ilmi Waaqayyoo (S-o-n) jalqaba karaa bahaatiin ba'e, saboota gara bahaa jiraniif ba'e.

Amma egaa erga Inni achi gadi dhiisee isaan maal godhan? Waggaa dhibba sadii booda , dhaabbata amantii isaanii isa jalqabaa kan ta'e Waldaa Kaatolikii Roomaa hundeessan. Bara dukkanaa keessa deemaa, bara hundumaa keessa darbanii dhufan. Maal gochaa jiru? Waanuma yeroo sanaa. Guyyaanis galgallis hin turre. Isaan seera isaan ajaju hamma ga'utti qabu turan, akkasumas isaan Inni akka Ilma Waaqayyoo ta'e amananii ificha isaaniif ba'e keessa deeman, isaan waldaa isaanii in ijaaran, hospitaala fi mana barumsaa in ijaaran, Seminarii bananii ijoolleen isaanii akka barattuuf achitti ergan.

105 Garuu raajichi, "Ammas yeroo galgalaa'utti Ifni in ta'a. Ilmichi ammas deebi'ee in mul'ata, Ifni in ta'a" jedhe. Maal jechuu dha? Ilmuma Isa foon uffatee yeroo ganamaatti dhufetu, ammas deebi'ee yeroo galgalaa'utti dhufe jechuu dha.

Amma Wangeela Luqaas 17:30 wajiin wal bira qabaa, "Guyyaa sanatti, akkuma guyyoota Sodoomii, biyyi lafaas in taati; yeroo Ilmi namaa mul'ifamutti."

Yeroo galgalaa'utti Ifni in ta'a,

Karaa Ulfinatti geessu dhuma in argattu.

Oo, yaa anaa! Yaa sabaa, deemsi keenya garamitti?

Sabni gargar caccabaa jira, Israa'el dammaqaa jirti,

Milikkitoonni raajonni dursanii dubbatan;

Guyyaan Warra saba Waaqayyoo hin ta'inii lakka'ameera, hakaafaan itti kaa'amuuf jedha; (Ilaalaa isheen galaana keessa dhidhimuufi!)

Yaa isa faffacaatee, gara kan keetti deebi'i.

Guyyaan iddootti deebi'uu dhi'aateera,

Garaan namaa soda jalatti kufeera;

Hafuuraan kan guutamte ta'I, ibsaa kee guuttadhuu, qulqulleessi,

Ol ilaali! Iddootti deebi'uun kee dhi'aateera. (Isiniif wayya.)

Obboleessaa, obboleettii, yerichi sodaachisaa dha. wantoota raajiidhaan dubbataman ilaalaa, wantoota ta'aa jiran ilaalaa. Dubbii raajii raawwatamaa jiran hundumaa ilaalaa, yoos waan waa'ee waan kanaa hundumaa hubachuu dandeenya waan ta'eef. Inni gurmuu…miti. Inni fiigicha maraatummaa miti. Inni isa Waaqayyo kallattiidhaan Sagalee Isaa mirkaneessaa jiru dha, dhugaadhumatti. Dhagichi rukutameera, yaa firootaa, ariifadhaatii gara Isaatti baqadhaa. Dubbiin raajii guyyaa nuyi keessa jiraachaa jirru kana dhugaa in ba'a.

106 Mee mataa keenya gadi haa qabannu. [Obboleessi tokko afaan biraatiin dubbataa jira. obboleettiin tokko afaanicha hiikaa jirti. Obboleessi waltajjii irraa, "Yeroo xiqqoo nuuf obsuu dandeessuu? Waaqayyo karaa Obboleessa keenya Branhaam nutti dubbateera, dibantni amma iyyuu Obboleessa keenya Branhaam irra jira, inni hin xumurre. Kanaaf…" jedhe. Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.]

Yaa Waaqayyo jaallatama! Guyyaa keessa jiraachaa jirru kana bartaniittu, firootaa? Waaqayyoo wajjin walitti bu'uu in barbaadduu? Yeroo Inni Isa mirkaneessetti, "Inni sirrii miti" in jettuu? Inni Sagalee Isaa Ofii Isaatii hiika. Isa tajaajiluu in barbaadduu?

Amma obboleessaa, obboleettii, mataa keessanii fi garaa keessan akkuma gadi qabattanitti turaa.

Guyyaan kun tarii guyyaa walitti qabama keenyaa isa dhumaa ta'uu danda'a. Nuyi tarii raawwannee… Yoon lubbuun jiraadhee waggaa tokko booda deebi'ee dhufe, tarii namoonni as jiran baay'een yeroo sanatti jiraachuu dhiisuu danda'u. Waanan galgala kana dubbadhe hundumaaf Fuula Firdiitti ittan gaafatama.

107 Waaqayyo duratti, yummuu yaada sammuu sirriitiin jirtan kanatti, amma Waaqayyoof waan guddaa kana in gootuu? Yoo…akka taatan in beektu ta'e. Callisaatii of ilaalee Waaqayyoo keessatti (Macaafa Qulqulluu) keessatti of ilaalaa, nama kam illee yoo taatan, "Intala Waaqayyoo jedhamuuf karaan akka natti gabaabbate nan beeka, karicha na agarsiisi. Ilma Waaqayyoo jedhamuuf karaan akka natti gabaabbate nan beeka, karicha na agarsiisi. Garuu, Yaa Waaqayyo, ani asitti hafuu hin barbaadu, ani lafichaaf dhama'uun qaba" jedhaa. Eenyyuun iyyuu ta'aa, mana kana keessaa iddoo fedhe iyyaa jiraadhaa, harka keessan gara Waaqayyootti akka ol kaaftanii akkas jedhaa, "Eeyyee, Ani ilma Waaqayyoo ta'uun barbaada. Ani intala Waaqayyoo ta'uun barbaada. Waan Gooftaan koo na abboome hundumaa raawwachuun barbaada." Amma isin…Waaqayyo isin haa eebbisu. Namoota as jiran keessaa dhibbeenyaa sagaltama jedheen tilmaama.

Amma asittii ilaali, yaa firaa. Utuu bara Yohannis lallabaa ture keessa jiraachaa turte ta'e'oo? Utuu bara Yesus biyya lafaa kana irra ture jiraachaa turte ta'e'oo? Silaa, gama eenyuu gorta turte? Utuu bara Yesus keessa jiraatteetta ta'ee… Yaadadhu, utuu Inni…Utuu bara sana keessa jiraatteetta ta'ee, akkuma ammaa kana in taata. Yesus Isuma sanatu ammas Sagalee Isaatiin Ofii Isaa beeksisaa jira, hubadhu, Inni baay'ee biratti kan hin beekamnee dha.

108 Garuu mee isinittan hima, ani namoonni waldaa akka dhiisaniif dubbachaa hin jiru yookiin…Yaa anaa, ani waldaa akka dhaqxan nan barbaada, "Walitti qabama wal ga'ii keessanii hin dhiisinaa." Garuu wantin isinitti himuu barbaadu yoo jiraate Mootummaa Waaqayyoo keessatti tarkaanfadhaa. Waantoota kana ofitti fudhataniiru, biyya lafaa, waldaa…

Isin warri Pheenxeqoostaalii, isin saba nana, akka biyya lafaatti jiraachuu kana keessa baataniittu. Isin caalchiftanii biyya lafaa duukaa buutaniittu. Inni salphaa dha, isin televizhiinii fi wantoota sana hubdumaa ilaaluu itti fufuudhaan, waaan isaan godhan gochaa jirtu, isaan kun hunduus, wanti isin jalqaba irratti beekuu qabdan…Semineroonni, manneeleen barnootaa asii fi achii, kana, sanaa fi kan biroo irra harka qabuu jalqabaa jiru, wanti isin jalqaba irratti beekuu qabdanis…Inni akka kana ta'uutu irra jiraata. Waldaa warra Pheenxeqoostaalii hunda irra kana deeggaraa ture dha, jibba isaa waanan dubbadhu tokko illee hin qabu. Garuu, "Obbolewwan koo, kottaa isa keessaa ba'aa!" jedheen iyya. Waamaa… Wal ga'iin isin qabaattan akka isa kanaan duraa ta'uu hin qabu. Namoonni akka kanaan dura ta'aa turan ta'uu hin qaban. Yesus

Kristos Isuma sana, kottaa gara Isa keessaatti in godaannaa.

109 Amma, warri harka keessan ol qabdanii jirtan, yaadadhaa, kattaa lafa onaa keessaa dhoofametu jira, burqaan isaa galgala kanas amma iyyuu yaa'aa jira. Kattaan isaanii, Kristos, dho'eera, Inni Kattaa dhoofame sana dha.

Galgala kanas, hamman beekutti, waldaan tarii…Yeroon waamamuu tarii darbeera ta'a, ani hin beeku, nai kana jechuu hin danda'u. Yaadadhaa, namoonni walitti qabamuu isaanii ittuma fufu, akkuma kanaan duraa, akkauma erga Yesus fannisanii booda godhan sana inuma godhu. Akkasuma…namoonni hunduus-isaan walitti in dhufu, isaan…Ilaalladhaa! Isaan lallabuu isaanii ittuma fufu, "Fayyineerra" jechaa akkuma… "Biyyi lafaa akkuma kanaan duraatti itti fufti" in jedhu. Garuu yeroo sanatti baay'ee kan isaanitti barfate in ta'a.

110 Yeroo carraa qabdu kanatti, obboleessa ko; yeroo carraa qabdu kanatti, obboleettii ko; Mootummaa Waaqayyoo keessatti kottu. Waan kan biraa tokko jalatti illee hin dhuftan, amantii salphaatiin Sagalee Isaatti amanuutti dhuftu malee. Inni Sagalicha sana! "Gooftaa Yesus, amma of-ilaalii Sagalee Waaqayyoo keessatti of ilaalaa akkan jiru nan beeka; oo, maal attamin gabaabaa dha. Garuu, yaa Waaqayyo jaallatama, kunoo galgala kana, har'a galgala Wiixataa kana, as Saan Bernardiinoo Kaalifoorniyaatti argamu kanatti, galma kana keessatti, yaa Gooftaa, wanti ani qabu hunduu kunooti, ani Sittin kennaa ana harkaa fudhu. Akkuman jirutti ana in fudhattaa, Gooftaa? Ariifadhee gara fannootti akkan fiigu na gootaa? Ergamoota illee utuu hin hafin hubadheera. Ani yericha hubadheera, ani waamicha Sodoom keessaa ba'uu hubadheera. Ani milikkitoota hubadheera. Warri garee Abrahaam Ifa akka fudhatan hubadheera. Ani mul'ina argeera, Yesus akkuma kanaan duraati fuula keenya duratti Mul'achaa jiraachuu Isaa hubadheera. Wantoota ati abdachiifte hundumaa hubadheera. Ani warra fakkeessituu (Impersonators) hubadheera; isa Ati, 'Akkuma guyyoota Museetti ta'e,' jette sanaa, Yaaneesii fi Yaambres kun fakkeessuuf deebi'anii dhufanii, amma iyyuu gowwummaa keessa turan sana keessa akka jiran hubadheera."

111 Hubadhaa, isaan karaa Sagalee Waaqayyootiin saba saba lafa onaa keessa gaggeessuuf Musee duukaa hin buune, sababiin isaa, isaan warra Gibxiitti firoomaniiru waan ta'eef. Isaan kana gochuu hin dandeenye, haa ta'u malee dinqii inni hojjete isaanis hojjetaniiru. Garuu gowwummaan isaanii bakkeetti baafame. Macaafni Qulqulluunis, ISA KANA GOOTAATU DUBBATE, "Inni guyyoota dhumaattis akkasuma in ta'a" jedhee dubbata.

Isinis yoo nama hafuuraa taatan, ija keessaniin in argitu. Ani…Ani Isa ibsuu hin danda'u. Isa ibsuun anaaf barbaachisaa miti. "Hoolonni koo Sagalee Koo in dhaga'u." Mee amma gara Isaa haa deemnu, utuu carraa qabduu. Ni deemtuu?

112 Yoo fedhii Hafuura Qulqulluun cuuphamuu qabaattan, fedhii irra deebi'anii Waaqayyoof of kennuu qabaattan, jireenya haaraa; Paasteriin keessan isin hin tuffatu, kana gochuu keessaniif inni isin jaallata malee. Amma galgala kana yeroo nuyi as jirutti, guutummaa jireenya keessanii Waaqayyotti kennaa. Mee…Eeyyee, cimaa akka inni ture nan beeka, nama qiqqirix, waan keessummaa wayii ti, ofii kootii akkas jechuu barbaadee miti, ani amanamaa ta'uufan kana godha. Sababan isin jaalladhuuf, sababan Waaqayyo jaalladhuufan kana godha, akkasumas isin gargaaruufan kana godha. Dhugaadhumatti, yaa firaa, nan amana… Ergaan koo Waaqayyo biraa akka dhufu, garaa koo guutuudhaan amantii koo guutuudhaanis nan amana. Inni waggoota dheeraadhaaf isiniif mirkaneeffamaa har'a ga'eera.

Amma dhaggeeffadhaa, waan qabdan hundumaa dabarsaatii Isatti kennaa, waan isin gargaachisu hundumaa dabarsaatii Isatti kennaa. Ani nan amana, dhugaa wajjin, garaa dabarsee of kenne, mee ol ka'aa, miilla keessaniin dhhbattanii, harka keessan gara Waaqayyotti ol qabdanii akkas jedhaa, "Yaa Waaqayyo jaallatama, kunoo asan jira. Na fudhadhu, yaa Gooftaa. Kana booda sammuu koo fi hiikkaa mataa kootiitti hin fayyadamu. Sagaleen Kee kan jedhu, 'Dirqama qulqulluu ta'uu akkan qabu, diqama Hafuuraan guutamuu akkan qabu, sana booda Hafuichi gara dhugaa hundummaatti akka na geggeessu' dha. Yaa Waaqayyo jaallatama, kunoo asan jiraa, na geggeessi." Kana hundumaa in gootuu? Kana hundumaa in gootu yoo ta'e, harka keessan ol baasaatii, "Isa kana gochuun fedhaa jira, Ani nan fedha" jedhaa.

113 Egaa mee hundumti keenya kaanee miilla keenyaan haa dhaabannu.

Akkan qajeelaa ta'uuf, yakka tokko malee,

Garuu dhiigni Kee sun anaaf dhangala'e,

Gara Kee akkan dhufuuf Ati na abboomii,

Yaa Hoolaa Waaqayyoo, (Tokkicha Balbala Waaqayyoo)...kottu! Ani…

Amma waan hojii keessanii, waan biraa hundumaas, waan itti dadhabdan, waan hundumaa argadhaa. Waan hundumaa…Utuu amma du'aa jirtu ta'e'oo?

Akkan qajeelaa ta'uu, Ati na fudhadhu,

Na simadhu, naaf dhiisi, na qulleessi, na fudhadhu;

Sababa ani…

Lakkoofsa kana irratti, harka keessan ol in qabduu?

Ani waadaan seena, ani nan amana,

Yaa Hoolaa Waaqayyo, ani dhufeera! Ani dhufeera!

Amma utuma namni Orgaanii taphatu taphachuu isaa itti fufee jiruu, mee tokkoon tokkoon keenya…

114 Ijoolleen saafeloonni, akka warra bakkee kanaa karaa irra yaa'anii, akka gurmuu kashalabboota kanaa ta'uu in jaallattuu?

Oboleettii, rifeensi dheeraan mataa keetii kennaa Waaqayyoof adda of baasuu (Nazarite) ta'ee utuu jiruu, if irraa muruu in barbaaddaa? "Rifeensa mataa ishee murachuun isheedhaaf leeyyoo dha." Wandaboo gaggabaabaa warra soqolamoo fi waantoota isaan bara har'aa uffatan kana, wayyaa safuu hin eegne kana, wayyaa dhagni keessan keessan mul'ata sana uffattanii karaa irra deemuu In barbaadduu? Dhiirri isin ilaalu hunduu garaa isaatti akka isinii wajjin ejju beektuu? Ejjituu taatanii dhi'aattu isinis. Dubartootaa, isin warri Meekaappii godhattan, dubartii tokkittii Macaafa Qulqulluu keessaa yeroo jalqabatiif meekaappii godhatte beektuu? Waaqayyo soora saree ishee taasise. Iizaabeel jedhamti, maqaan kun bara isheetii jalqabee jibbamaa dhufe, kunis sababa hojii ishee kanaafi. Raajiin ishee abaaree fi amala kanaan ishee waame Eliyaas akka ta'e in beektu. Booda immii Yohannis cuuphaan warra garee Herodisitti akka ba'e beektuu? Isin… Isin akka warra biyya lafaa waan Hooliiwuud sanaa fedhuu hin qabdan. "Biyya lafaa, yookiis waan biyya lafaa jaallachuutti hidhamtu taanaan, Waaqayyo jaallachuun isin keessa hin jiru."

115 Obboleessaa, hiriyaa kook an tajaajilaa taate, waan tokko iyyuu… Adaraa na hubadhu, ani obboleessa kee ti. Ofii keessan gurmeessuu barbaadduu, isini warri miseensa waldaa ta'e tokkoo (Metedistii, Baaptistii, yookiin waan keessa turtan kamuu haa ta'u) taatan, sababa haati keessan yookiin akkoon keessan isatti qabattee turteef, isinis isatti qabamtanii jiraachuu barbaadduu? Isheen gara sanatti dhufuu isheetiin dura, waan ta'e tokko keessaa baatee gar asana dhufte, innis immoo yeroo sanaaf Ifa ture; inni, akkuma bara Nohi in fakkaata. Guyyaan kun Guyyaa biraa ti.

Isin, "Tole egaa, ani kanan qabu…" in jettu.

Inni kun guyyaa Pheenxeqoostaalii miti. Barri warra Pheenxeqoostaalii darbeera. Pheenxeqoosteen sokkeera, inni kun yeroo midhaan sassaabamuu ti. Hubattanii? Yeroo midhaan sassaabamuu ti, yeroo ija midhaanii ti; bishaanni keessaa cophee dhumeera, iji midhaanii bilchaataa jira. Obboleessa koo jaallatama, gara ija midhaaniitti kottu. Na dhaga'aa, na amanaa, garbicha Waaqayyoo ta'uu koo yoo amantan, tokkoo tokkoon keessan, karaa isiniif mijateen, gadi of deebisuudhaan mataa keenya gadi qabannee, kadhannaa isa duratti dhi'eessuun akka jiru beeknu sana haa dhi'eessinu, "Yaa Waaqayyo, Akkuman jiru kanatti na fudhadhu."

Yaa obboleessaa, yaa obboleettii, anis akkuma keessan iddoo aarsaa durattin gadi jedhe: Yaa Waaqayyo, na sukkuumii adda na baasi. Waan ta'e tokko hojjedhu, Yaa Waaqayyo, akkataa mataa keetiin na tolchi.

As dhaabatanii namoota akka waan gumaa gumaatti kukkutanii kukkutuun salphaa dha jettanii yaadduu? Kana gochuun waan baay'ee cimaa ta'e dha. Garuu kana hin godhu taanaan, anaaf wayyoo!

116 Yaa Waaqayyo jaallatama, akkuma sabni as jiru kun mataa isaa fi garaa isaa gadi qabatee jiru kanatti, yeroo qulqulla'aa siif adda ba'e kanatti barsiisa Macaafa Qulqulluu kana xumuruuf jenna; nuyi yeroo dhuga ba'umsi Hafuura Qulqulluu biyya kana asii fi

achi, asii fi achi raasu arginetti, yeroo sosochiin haaromsaa fi agarsiistuwwan argainetti, wanti ta'e tokko isa kana boodaan akka dhufu in beekna. Yeroo Ergamoonni Waaqayyoo torban sun fiixee tulluu gama Arizoonaa irratti gadi dhufan argamaniiru, Gaaxexaan biyyattii illee utuu hin hafin suuraa Isa kanaa ol kaa'aniiru. Yesus Ofii Isaatii ol samii keessaa, gadi ilaalee, "Mul'ata 10:7 keessatti, Ergaa ergamaa isa torbaffaa irratti, mallatowwan in banamu, dhoksawwan Waaqayyoo in ifatti in baramu" jedhee utuu dubbatuu argamuu danda'eera. Warri haaressitoonni Isa ifatti baasuuf umurii dheeraa jiraachuu dadhaban. Kunoo asitti, mallattowwan torban waan hundummaatti mallatteeffamanii turan guyyoot kana keessatti banamaniiru. Milikkitoota gurguddaafi dinqiwwan ta'aa turan kana hundumaa akka hubannuuf, dhugaan ba'amee, wanti kun akka raawwatu duraan duraan dursitee dubbatteetta, raawwattee isa dubbatte hambiftee hin beektu, akkuma dubbatametti raawwachiifta malee.

117 Yaa Waaqayyo jaallatama, Yesus Kristos nu gidduu akka jiru nutti dhaga'ama. Inni as akka jiru in beekna. Inni galgala kana as jira, Waaqayyo Inni ijaan hin mul'anne nu gidduu jira, Inni abdii Sagalee Isaa keessatti abdachiise hundumaa nuuf mirkaneessuu in danda'a. Ati attamitti isaan dura dhaabattee, dugda kee isaanitti gala galchitee, jalqabatti utuu warri fakkeessitoonni dorgommii keessa hin galin isaaniif mirakneessite, Yaa Gooftaa. Ati mirkaneessitee isaanitti agarsiifte, raajiidhaan isaanitti dubbattee, innis akkuma dubbatmetti raawwate, nuyis haaluma sanaan utuu raawwatuu argineerra. Egaa yaa Abbaa, yaa Waaqayyo, inni nama akka hin taane in beekna, inni Waaqayyo ta'uu qaba. Ati galgala kanas akkasuma nu gidduu akka jirtu in beekna. Cubbuu keenya nuuf dhiisi.

Yaa Waaqayyo jaallatama, dhukkuba keenyattii nu fayyifteetta, amma immoo cubbuu keenya nuuf dhiisi, Yaa Gooftaa, akka kiristaana ofii keenyaa ta'uu barbaannu akka hin taaneef, miseensa guutuu Wangeelaa utuu hin ta'in, ofii keenya akka gurmuu cuucii indaaqqoo keessaa baateettii of haa arginu. Yaa Waaqayyo jaallatama, nu gargaari, ofitti nu fudhadhuu Hafuura kee Qulqilluutiin nu raasi. Wanti Si hin fakkaanne yoo nu keessa jiraate, isa nu keessaa baasi, yaa Gooftaa. Qulqulluu Sagalee Waaqayyoo irra miilla keenya dhaabi, Hafuurri Qulqulluun keessa Onnee keenyaatti gubee xurii amanuu nu dadhabsiisuu fi hirriba guyyaa kana nama dagachiisu hundumaa haa baasu; Oo, ol kaasii nu raasi. Nuuf dhaga'i, yaa Waaqayyo. Nu qulquulleessi! nu qari! Nu tolchi! Yaa Waaqayyo, isa kana nuuf dhaga'i.

118 Namni onnee isa keessatti ija midhaan sanaa, dhiigsanyii Waaqayyoo inni Jireenyaaf uumamuu biyya lafaa dura dibame sana onnee isaa keessa namni qabu yoo jiraate, yaa Gooftaa; nan beeka, yaa Gooftaa, yeroo amma jiraachaa jirru kanatti in hiita. Kanaaf, yaa Gooftaa, lubbuu isaanii guuttee, cuuphaa Hafuura Qulqulluu isa haaraatiin fuula isaanii ibsitee, ililchaa gammadaas dhaqaa akka isaaniin jettu, sin kadhadha.

Yaa Waaqayyo Gooftaa, isaan…Isaan dabarseen Sitti laadha. Eenyu akka isaan ta'an an hin beeku, Situ isaan beeka. Yaa Gooftaa, itti gaafatamummaan koo akka Ati mul'iftetti Sagalee Kee lallabuu qofaa dha. Isa hafe hundumaaf itti gaafatamummaa kan qabu Si'i; Sanyichi eessa irra akka bu'u situ beeka. Ani calliseen Isa facaasa. Yaa Waaqayyo Gooftaa, Inni galgala kana biyyoo gaarii, biyyoo gabbataa irra akka bu'u, sin kadhadha. Yaa Gooftaa, baay'een Isa hubatee, ka'ee Kristaana guyyoota dhumaa kana keessa jiraniif ifa haa ta'u, kanaanis wantoonni gurguddoon dhufuuf fuula keenya dura jiran, dafanii haa dhufan. Yaa Gooftaa, isa kana nuuf dhaga'i. Ati Waldaa kee gara ol in fudhatta, Misirroo kee gara manaatti fudhadhu. Toora tootaan utuu Inni raawwatuu argaa jirra. Gooftaa Yesus, Kottu. Firii isaa arguuf, waan hundumaa Maqaa Yesus Kristosin dabarisnee sitti laanneerra. Ameen.

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha

Sababiin isaa Inni dursee na jaallatee

Gatii lubbuu koo naaf kaffale

Qaraniyoo irratti…

119 Isa in jaallattuu? Tole, yoos walii walii keessan jaallachuu qabdu. Amma yeroo irra deebinee faarfannutti harka walii walii keessanii qabadhaa.

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha

Sababiin isaa Inni dursee na jaallatee

Gatii lubbuu koo naaf kaffale

Qaraniyoo…

Mee amma immoo jajannaa Isaaf haa dhi'eessinu. Nama meeqatu faarfannaa kana beeka:

Ani Isa nan jajadha, ani Isa nan jajadha,

Hoolicha cubbamootaaf qalame jajadhaa,

Ukfina Isaaf kennaa yaa saba hundaa,

Dhiigni Isaa xurii hunduma irraa dhiqeera.

Mee amma haa faarfannu:

Ani Isa nan jajadha, ani Isa nan jajadha,

Hoolicha cubbamootaaf qalame jajadhaa,

Ukfina Isaaf kennaa yaa saba hundaa,

Dhiigni Isaa xurii hunduma irraa dhiqeera.

Akka waan soofamee isin irraa ba'ee wayii miira keessanitti hin dhaga'amuu? Harka keessan ol baasaatii, "Oo, inni natti tole" jedhaa. Obboleesaa, faarfannawwan dur durii kanneen nan jaalladha. Isin hin jaallattanii? Isaan onnee namaa keessa gadi seenu.

Ani Isa nan jajadha, ani Isa nan jajadha,

Hoolicha cubbamootaaf qalame jajadhaa,

Ukfina Isaaf kennaa yaa saba hundaa,

Dhiigni Isaa xurii hunduma irraa dhiqeera.

120 Mee hundumti keenya harka keenya ol qabnee Waaqayyoon haa galateeffannu, hundumti keenya, akkataa nutti dhaga'ametti:

Gooftaa Yesus, nuyi si galateeffanna. Yaa Gooftaa, nuyi si jajanna. Saba Baabiloon keessa waamamee ba'eef ol ol Si qabna. Dhiiga Ilma Yesus Kristosiif Si galateeffanna. Daqiiqaa kanatti Inni waan nu qulqulleesseef si galateeffanna. Nuyi… Doggoruu keenyaaf, gadhummaa keenyaaf, dukkana keessa bitintiraa turuu keenyaaf, yaa Gooftaa, dhiifa si gaafanna. Yaa Waaqayyo, baanee akka ifnu, Ifa yeroo galgalaa keessa akka deemnu, ija Mukaa isa Ifa yeroo galgalaa'uutiin godhatuu nu godhi. Kana Nuuf raawwadhu, yaa Waaqayyo jaallatama. Nuyi ofii keenya dabarisinee Sitti laanna, Maqaa Yesus Kristosin.

Amma akkuma mataa keenya gadi qabannetti, tajaajila guyyaa har'aa akka xumuraniif Paasterotattin dabarsee kenna.

Kan Lallabame

William Marrion Branham

*"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7*

www.messagehub.info